# XIINXALA MALA MARII GAREETIIN AFAAN BARSIISUU: HAALA BARATTOOTA MANA BARUUMSA SADARKAA LAMMAFFAA ALALTUU KUTAA 9FFAA

FISSAHAA DABALEE

YUNIVARSTII ADDIS ABABAA

KOLLEEJJII NAMOOMAA QO’ANNOO AFAANII,

JORNAALIZIMIIFI QUUNNAMTIITTI

MUUMMEEAFAAN OROMOO OG-BARRUUFI

FOOKLOORII

HAGAYYA 2011/2019

FINFINNEE

# XIINXALA MALA MARII GAREETIIN AFAAN BARSIISUU: HAALA BARATTOOTA MANA BARUUMSA SADARKAA LAMMAFFAA ALALTUU KUTAA 9FFAA

FISSAHAA DABALEE

GORSAA: DR. TOLAMAARIYAM FUFAA

WARAQAA QORANNOO DIGIRII LAMMAFFAA (MA)

AFAAN OROMOOFI OGBARRUU BARSIISUUN

GAMISAAN GUUTTACHUUF MUUMMEE AFAAN

OROMOO, OGBARRUUFI FOOKLOORIIF DHIHAATE

YUUNIVARSITII ADDIS ABABAA

KOOLLEEJJII NAMOOMAA QO’ANNOO AFAANII
JOORNAALIZIMIIFI QUUNNAMTIITTI

MUUMMEE AFAAN OROMOO, HOG-BARRUUFI

FOOKLOORII

HAGAYYA 2011/2019

FINFINNE

Yuunivarsitii Addis Ababaa

Dhaabbata Qorannoo Digirii Duraatiin Booddee

Waraqaa qorannoo digirii lammaffaa (MA) Afaan Oromoofi Ogbarruu Barsiisuun Guuttachuuf Fissahaa Dabalee Mata-duree: Xiinxala mala marii gareetiin afaan barsiisuu: Haala barattoota mana baruumsa sadarkaa lammaffaa Alaltuu kutaa 9ffaa jedhuun qophaa'ee sadarkaa yuunivarsitiin kaa'ee kan guuteera.

Koree Qormaataa

Qoraa Alaa ____________________Mallattoo ______________ Guyyaa _______________

Qoraa keessaa__________________Mallattoo_______________ Guyyaa_______________

Gorsaa _______________________Mallattoo ______________ Guyyaa _______________

________________________________________________________________________

Ittigaafatamaa Muummee ykn Qindeessaa digirii lammaffaa (MA)

Waraqaa Mirkaneeffannaa

Ani qorataan maqaafi mallattoon koo armaan gadiitti eerame, qorannoon kun hojii koo ta'uu isaafi kanaan dura yuunivarsiitii kamiiyyuu keessatti qorannoo eebbaaf kan hindhihaanne ta'uu isaa wabiileen qorannoo kanaaf dubbise haala seera qabeessa ta’een fudhadhee ,wabii keessatti kaa'uu koo nan mirkaneessa.

Maqaa________________

Mallattoo_____________

Guyyaa ______________

**_Axereeraa_**

*Kaayyoon gooroo qorannoo kanaa, mala marii gareetiin afaan barsiisuu haala barattoota mana barumsa sadarkaa lammaffaa Alaltuu kutaa 9ffaa keessattii mul'atan xiinxaluudh. Malli marii garee hojiirra akka hin oolleef wanttoota kutaa keessatti gufuu ta'an addaan baasuun sakatta'uudha. Rakkoolee muul'atan kana xiinxaluuf, odeeffannoo barbaachisu funaanachuudhaaf, qorannoo makaatti dhiimmaa bahamee jira. Mala iddatteessuu carraa tasaatiin, barattoonni kutaa 9[ffaa] dhibba tokkoofi afurtamii afuriifi mala kaayyeeffataatiin barsiisotni afur filamanii jiru. Odeeffannoon mala makaatiin, odeefkennitootaa irraa walitti qabame, akkaataa walitti dhiyeenya yaada isaaniitiin walitti qindaa'anii bifa lakkoofsaafi ibsaatiin xinxalamaniiru. Argannoowwan gurguddoon qorannoo kanaan bira gahaman: 1ffaan barsiisonni mana barumsichaa mala baruuf barsiisuu marii gareen afaan barsiisuurra mala barsiisaa giddugaleeffatetti fayyadamanii kan barsiisan ta'uu, 2ffaan miijatummaan haala daree barnootaafi meeshaalee barnootaa mala marii gareen afaan barsiisuuf gahaa kan hin taanee ta'uudha. Dhumarrattis, yaboowwan gurguddoo rakkoo kanaaf ta'uu mala jedhee qorataan abdate kanneen gadiiti: 1ffaan barsiisonni mala marii garee fayyadamanii akka afaan barsiisaniif qaamni ilaalatu gargaarsa barbaachisu gochuu qaba. 2ffaan malli kun hojiirra akka hin oolleef wantoota gufuu itti tahan dhabamsiisuu, qaamni ilaalatuun hundi gahee irraa eegamu bahuu qaba. 3ffaan faayidaa mala kanaa hubachuun manni barumsaa, barsiisaan, barataaniifi maatiin waan irraa eegamu gochuu qabu.*

## Galata

Hunda dura Waaqqayyo inni fayyaa naaf kennee haala hundumaa keessatti na gargaaree kanaan nagahe haa ulfaatu. Itti aansuun hojii qorannoo kanaa keessatti jalqabbii naaf tahanii, hanga goolaba qorannichaatti nuffii malee nawaliin tahuun gorsa ogummaa kana kan naaf kennan, Dr. Tolamaariyaam Fufaa galatni koo guddaadha. Itti aansuun, milkaa'ina qorannoo kanaaf, odeeffannoo barbaachisaa ta'e nuffii malee kan naaf kennan, barsiisootaafi barattoota mana barumsa sad.2ffaa Alaltuu guddaan galateeffadha. Akkasumas,deeggarsa yaadaafi qabeenyaa naagochuun, fiixaan ba'insa qorannoo kanaa keessatti shoora guddaa kan taphatan, haadha manaa koo Qalamuwaa Dajaneefi obboleewwankoo Alamnash Dabalee, Adaanech Dabalee, Habtaamuu Dajanee, Yaazoo Badhaanee, Dirribaa Lammaafi Ermiyaas Tasfayee sirritti galatteeffachuun barbaada. Dabalataanis, hojii qorannoo kana keessatti meeshalee tokko tokko naaf kennuun kan nagargaaran hoggantoota mana baruumsa Alaltuu sadarkaa lammaffaa otoo hin galateeffatiin hin darbu. Dhumarrattis, milkaa'ina qorannoo kanaaf, barreeffaman kan na cinaa dhaabbattaniifi gargaarsa barbaachisaa tahee kan naaf godhan hunda galateeffachuun barbaada.

**Gabaajeewwaan**

BBLG- Boordii Barnootaafi Leenjii Gandaa

B.B.O- Biiroo Barnoota Oromiyaa

GMB- Gamtaa Maatii Barattootaa

ICDR- Institution of Curriculum Development and Research

**Jibsoo**

| | |
|---|---|
| Mala marii garee- | Group dicussin method |
| Axereeraa- | Abstract |
| Hordoftoota fajajoo- | Passive listener |
| Hordoftoota si'ataa- | Active participant |
| Kaka'umsa- | Brainstorming |
| Keenyan- | Wall |
| Mala gaaffii dhiyeessuu- | Questioning method |
| Mala gahee taphachuu- | Role playing method |
| Mala piroojektii- | Project method |
| Mala rakkoo hiikuu- | Problem solving method |
| Marii cimdii- | Pair discution |
| Walgargarsaan barachuu- | Cooperative learning |
| Yaaxxina - | Theory |

# BAAFATA


BOQONNAA TOKKO:SEENSA ........ 13

1.1. Ariirrata Qorannichaa ........ 13

1.2. Ka'umsa Qorannichaa ........ 15

1.3. Kaayyoo Qorannichaa ........ 16

**1.3.1. Kaayyoo Gooroo ........ 16**

**1.3.2. Kaayyoolee Gooree ........ 16**

1.4. Faayidaa Qorannichaa ........ 17

1.5. Daangaa Qorannichaa ........ Error! Bookmark not defined.

1.6. Hanqina Qorannichaa ........ 18

1.7. Qindoomina Qorannichaa ........ 18

BOQONNAA LAMA: SAKATTA'A BARRUU YAADRIMEE ........ 19

2.1. Maalummaa Mala Baruufi Barsiisuu ........ 19

**2.1.1. Maalummaa Hojii Garee ........ 20**

2.1.2. Akaakuu Hojii Garee ........ 22

2.2. Gurmaa'ina Barattootaa ........ 24

**2.2.1. Gola Barsiisaatiin Hogganamu ........ 24**

**2.2.2 Mala Marii Gareetiin Barachuu ........ 25**

**2.2.3. Faayidaa Hojii Garee ........ 26**

2.3. Rakkoolee Hojii Garee ........ 30

2.4. Qaamolee Raawwii Hojii Garee Keessatti Gahee Murteessaa Qaban ........ 33

**2.4.1. Gahee Barsiisaa ........ 33**

**2.4.2. Gahee Barataa ........ 35**

**2.4.3 Gahee Sirna Barnootaa ........ 35**

2.5. Yaaxxinaalee Qorannoo Kun Bu'ureeffate ........ 36

2.6. Sakatta'a Barruu Walfakkii ........ 37

BOQONNAA SADII: MALLEEN QORANNICHAA ........ 39

3.1. Mala Qorannichaa ........ 39

3.2. Irraawwatama Qorannichaa ........ 40

3.3. Mala Iddatteessuu ........ 40

3.4. Meeshaalee ragaaleen Ittiin Funaanaman ........ 41

**3.4.1.Afgaaffii** ........ **42**
**3.4.2. Bargaaffii** ........ **42**
**3.4.3. Daawwannaa** ........ **43**
3.5. Sakatta'a Dokumantii ........ 43
3. 6. Mala Xiinxala Odeeffannoo ........ 44
BOQONNAA AFUR XIINXALA RAGAALEE ........ 45
4.1. Duubee OdeefKennitootaa Barsiisootaafi Barattootaa ........ 45
**4.1.1. Duubee Odeefkennitoota Barsiisootaa Afgaaffiin Dhiyaateef** ........ **45**
**4.1.2. Duubee Odeefkennitoota Barattootaa Bargaaffiin Dhiyaateef** ........ **46**
4.2. Sakatta'a Haala Qophii Meeshaalee Sirna Barnootaa. ........ 46
**4.2.1. Marii garee ilaalchisee haala qophii qajeelcha barsiisaa kitaaba Afaan Oromoo kutaa 9ffaa.** ........ **46**
**4.2.2. Marii garee ilaalchisee haala qophii silabasii Afaan Oromoo kutaa 9ffaa.** ........ **48**
4.3. Qaaccessa Gaaffiilee Mala Baruu Barsiisuu Adeemsa Mala Marii Gareetiin Afaan Barsiisuu Waliin Walqabatan. ........ 50
**4.3.1. Qaaccessa Bargaaffii Barattootaaf Dhiyaate** ........ **50**
**4.3.2. Qaaccessa Afgaaffii Barsiisootaaf Dhiyaate** ........ **58**
**4.3.3. Qaaccessa Daawwannaa Daree Barnootaa** ........ **59**
4.4. Mala Marii Gareen Afaan Barsiisuun Hojiirra Akka Hin Ollee Wantoota Gufuu Ta'an. ........ 61
**4.4.1. Qaaccessa Daawwannaa Haala Daree Barnootaan Walqabatee** ........ **61**
**4.4.2. Qaacceessa Meeshaalee Deeggarsa Barnootaan Walqabatee** ........ **63**
**4.4.3. Sakatta'a Meeshaalee Sirna Barnootaan Walqabate Ilaalchisee.** ........ **64**
**4.4.4. Qaaccessa Afgaaffii Barsiisoota Gufuuwwan Marii Gareen Afaan Barsiisuuf Furmaata Eeruu** ........ **64**
**4.4.5. Qaaccessa Bargaaffii Gufuuwwan Marii Gareen Afaan Barsiisuuf Furmaata Eeruu** ........ **65**
BOQONNAA SHAN: CUUNFAAFI YABOO ........ 66
5.1. CUUNFAA ........ 66
5.2. Argannoo ........ 67
5.2. Yaboo ........ 68
wabiilee ........ 70
Dabalee A ........ 76

**Dabalee B** .......... **80**
**Dabalee C** .......... **82**
**Dabalee D** .......... **84**

**Baafata Gabateewwanii**

**Gabatee 1. Duubee odeefkennitoota barsiisootaa________________________________________33**

**Gabatee 2. Duubee odeefkennitoota barattootaa__________________________________________34**

**Gabatee 3. Gaaffiilee gochaalee barsiisaatiin walqabatanfi deebii barattootaa_________________37**

**Gabatee 4. Gaaffiilee shaakala daree keessaatiin walqabatan___________________________40**

**Gabatee 5. Qaaccessa gaaffilee hojii dhuunfaan walqabatan________________________________42**

**Gabatee 6. Qaaccessa gaaffilee qabiyyee kitaaba barataatiin walqabatan ____________________44**

# BOQONNAA TOKKO:SEENSA

## 1.1. Ariirrata Qorannichaa

Tooftaaleen barsiisuu karaa lamaan ilaalamuu danda'u. Isaanis, mala baruuf barsiisuu barsiisaa gidduugaleessa godhatee jedhamuun kan beekamuufi, mala baruuf barsiisuu barataa giddugaleessa godhate jedhamuun kan beekamudha. Waggoota baay'een dura, malli barsiisuu aadaa, dhaabbatni mala baruuf barsiisuu barsiisaa giddugaleessa godhate, mana barumsaatti gutummaan guutuutti dursaa ta'ee to'achuun, hojiirra oolaa ture. Adeemsaa baruufi barsiisuu boodatti hafaa ta'e keessatti barsiisonni of gidduu galeessaa godhachudhaan kan barsiisaa turaniidha. Malli kun immoo si'aa'inaan barachuu barattootafi ofitti amanamummaa irratti hanqina qaba. Malli gareen barsiisuufi barachuu garuu carraa barattootaaf kennuun dandeettii isaanii barnoota kennamu sana irratti akka ofitti amananiifi gadi fageenyan akka hubatan taasisa. Akkasumas mala mrii gareetin afaan barsiisuu jechuun tarsimoo sadrkaa barnootaafi ilaalcha qorannoo irratti bu'ureeffachuun barnoota kennamuudha. Kunis dandeettii barachuu barattootaa bu'a qabeessa taasisuu, carraa hojiin agarsiisuufi muuxannoo ofitti amanamummaa yaadaa akka cimsatan godha (Burnard, 1999).

Tooftaaleen baruu barsiisuu karaa adda addaan ilaalamuu danda'u. Isaan keessaa tokko, mala baruu barsiisuu barataa giddugaleessa godhatedha. Waggoota baay'een dura, malli baruu barsiisuu barsiisaa giddugaleessa godhate, mana barumsaatti gutummaan guutuutti dursaa ta'ee to'achuun, hojiirra oolaa ture. Yaadrimeen barnoota mala barattoota giddugaleessa godhate, kan bu'uureffame bara 1905 dura nama "Haywad" jedhamuuniifi bara 1956 nama Dewey's Work (O'sullivan, 2003) jedhamuuni. Dabalataniis, Carl Rodgers, yaada baruu barsiisuu barataa giddugaleessa godhate babal'isuun gahee isaa bahee jira. Malli baruu barsiisuu barataa giddugaleessa godhate, hojiiwwan Piagetfi dhiyeenyatti Malcom Knowels (Burnard, 1999) hojjetan keessattis, faayidaa qabeessummaan isaa caqasameera. Haaluma walfakkatuun, barreessaan kitaabolee adda addaa Richards, J. and Renandy, W. (2002), jedhamu kitaaba isaa keessatti mala baruu barsiisuu barsiisaa giddugaleessa godhaterraa gara mala baruu barsiisuu barataa giddugaleessa godhatetti yoo jijjiirame, barattoonni caalmaatti dandeettii afaanii gabbiffachuu irrattii fayyadamoo ta'uu isaanii ibseera.

Mala baruu barsiisuu marii garee jechuun, barattootni akka fedhanitti waliin dubbachuun hundi isaaniituu hirmaannaa hoo'aa taasisuun akka barataniif carraa kan kennuufi mala sissi'eessaa

ta'edha. Malli kun immoo, keessuumaayyuu baratàa afaaniif filatamaadha. Sababni isaas barataan waliin mari'achuun karaa bilisa ta'een hubanoo qaban walif dabarsu. Barsiisonnis barattoota isaaniif haala miijataa ittiin barsiisan uumuudhaan, dandeetti afaaniifi guddina sammuu barattoota isaanii kan ittiin saffisiisanidha. Kana jechuun, malli barataa giddugaleessa godhate, adeemsa afaan barsiisuu keessatti barattootaaf gaheen guddaan akka kennamuufi barnoota afaanii marii gareen barattoota hirmaachisuun afaan barsiisuun bu'aa akka qabudha. Yaada kanarraa akka hubatamutti, malli kun barattootni sammuu bilisaan akka isaaniif miijatutti akka baratan kan godhuudha. Akkasumas, hirmaannaa barattootaa cimsuun bu'aa qabeessummaa barnootaaf gahee guddaa kan taphatudha (Rolheiser, C. and Stevahn, L. (2011).

Mala baruu barsiisuu duraanii keessatti, barattoonni haala isaan hirmaachisuun barachaa hin turre, carraan isaan qaban, kan barsiisaan beekuufi hubatu qofa fudhachuu ture. Haala barachuu keessattis gaheen barattootaa murtaa'aa ture. Imammata mala baruu barsiisuufi madaalli gosa adda addaa irratti murteessaan barsiisaa qofa ture.  Malli baruu barsiisuu barsiisaa giddugaleessa godhate, dandeettii barnoota barattootaa kan dhorkuudha. Akkasumas, mala baruu barsiisuu barataa giddugaleessa godhate keessatti barataan si'aayinaan hirmaachuun, itti gaafatamummaa godhachuun, kallattiin haala baruu barsiisuu keessatti gahee isaa nibaha. Mala barattootaa gidduugaleessa godhate keessatti, barnoota haala si'ataa taheen kennuuf malleen nu dandeessisan baay'eetu jiru. Malleen dhiyaannaa mala barataa gidduugaleessa godhate keessatti hammatamaniifi barattoota si'ataa taasisan kanneen akka: mala mariii garee, mala argannoo, mala piroojektii, walgargarsaan barachuu, mala gaaffii dhiheessuu, mala gahee taphachuu, mala rakkoo hiikuufi hojii dhuunfaa akka fakkeenyaatti kaa'eera. Kana jechuun, barsiisaan malleen kana keessaa qabiyyee barnootaa inni barsiisuu waliin kan deemuu filachuun, haala barattoota hirmaachisuu danda'uun akka barsiisuuf isa dandeessisa (Moore, R. 2001).

Kara biroo immoo Malli baruu barsiisuu barataa giddugaleessa godhate hojiirra akka hin oolleef, wantootni gufuu itti tahan baay'eetu jiru. Akka, Moore, R. (2001) ibsutti, kanneen gufuu ta'an: Leenjii dhabuu barattootaafi barsiisotaa, Teessoo miijataa dhabuu, Kitaabileen barnootaa baay'ina barattootaan walsimuu dhabuu, Bakkiifi haalli qilleensa garii jirachuu dhabuu, Yeroon barnootaaf kennamee, gahaa tahuu dhiisuufi baay'inni barattootaafi bal'inni daree walsimuu dhiisuudha. Itoophiyaa keessatti bara 1994 A.L.H tti jalqabee imammatni haaraa bahee, malli barataa giddugaleessa godhate hojiirra ooluu isaa kan ibsudha. Kaayyoon qorannoo kanaas

rakkoolee mala marii gareetiin barattoota Afaan barsiisuu mana barumsaa Alaltuu sadarkaa 2ffaa kutaa 9ffaa keessatti xinxaaluu irratti kan xiyyeeffatuudha.

## 1.2. Ka’umsa Qorannichaa

Mariin garee yaada namaa kan kakaasu, ilaalchaafi amanauummaa namaa kan sakatta’ufi walitti dhufeenya namoota gidduutti ta’uudha. Adeemsa baruu barsiisuu barnoota afaanii keessatti mariin garee malleen barbaachisan keessaa isa tokkoodha. Akkasumas mariin garee barsiisootaafi barattoota, barattootaafi barattoota walii walii isaaniin mari’achuun kan odeeffannoo ittiin waljijjiraan, yaada kan ittiin walii kennan, ilaalcha isaanii karaa ittiin ibsataniifi rakkoo isaanii hiikuun kan walitti dhufaniidha. Malli marii garee bu’aqabeessa kan ta’u yaada namootaa seeran dhaggeeffachuun kanneen biro waliin waldanda’anii hojjechuun, adeemsa dimokraatawaa hordufuun hubannoofi ilaalcha namootaa biro gadifageenyaan madaaluu, beekumsa qooddachuufi kkf.yoo guutaniidha. Akkuma beekamu qorannoon tokko yeroo gaggeeffamu ka’umsaa rakkoofi gaaffi sammuu qorataa keessatti uumamaniif furmaataa kaa’uuf kan isa kakaase qaba. Kanuma bu’ura godhachuudhan mata duree qorannoo kanaaf wanti ka’umsa ta’e yeroo qorataan mana barumsaa sadarkaa lammaaffaa Alaltuu barsiisa jirutti, mala marii gareetin Afaan Oromoo barsiisuu irratti rakkoolee mul’atan adda baasuu danda’eera. Rakkooleen qorannoo kanaaf ka’umsa ta’anis barsiisonni Afaan Oromoo mana barumsaa kanatti barsiisan mala marii gareetti qixa sirrrii ta’een dhimma bahuun kan hin barsiisne, faayidaa mala marii gareen barsiisuun qabu irratti hubannoo wal fakkaatu kan hin qabneefi kan of giddugaleeffatanii barsiisaniidha. Kuni immoo barattoonni hordoftoota fajajoo ta’uun ija laafuu, ofiitti amanamummaan yaada ofii ibsachuu dadhabuufi barnoota afaaniif fedhii dhabuun barattootaa qulqullina barnootaa irratti dhiibbaa qabaachuun isaa ka’umsa qorannoo kanaati. Kanaaf hanqinoota gama kanaan mul’ataniif furmaataa kallattii kennuufi barsiisota mana barumsichaaf hubannoo gadi fageenyaa mala marii gareetiin afaan barsiisuu akka argatan taasisuudha. Dabalataniis barsiisonni barnoota afaanii mala marii garee barattootaa giddugaleefate xiyyeeffanno keessa galchuun akka barsiisan taasisuufi. Yaaduma kana ilaalchisee hayyoonni adda addaa yaada muraasa lafa kaa’anii jiru. Kunis malleen baruufi barsiisuu keessaa gareedhaan barachuun bu'aa guddaa akka qabu ogeeyyiin adda addaa ni ibsu. Fakkeenyaaf, Pollard, A. (2002: 229) akkas jedha.

> *This is (group work) often recommended for developing social and language skills and as a means by which children can support, challenge and extend their learning together, for example, in searching CD-ROM encyclopaedias for information or through problem-solving or work on a creative task. Group work can provide researchers with opportunities to observe children's learning more closely and, through questioning or providing information, to support them as they move forward to new knowledge, skills or understanding.*

Akka yaada kanaatti, barattoonni dandeettii afaaniifi hawaasummaa akka guddifataniifi wal faana ta'uudhaan akka wal gargaaran, rakkoo hiikaniifi barnootasaanii akka saffisiisan marii gareetiin barachuun akka isaan gargaaru hubanna. Hojiin garee qorattootaafis carraa barattootatti dhiyaatanii hordofuufi madaaluu akka danda'an hubachiisa.

Kanumaan wal qabsaatee, qorannichi gaaffilee armaan gadiif deebii nikenna.

1. Tooftaan marii gareen afaan barsiisuu hangam silabasiifi qajeelcha barsiisaa keessatti dhiyaata?
2. Barsiisaan daree keessatti hangam marii gareetti fayyadame?
3. Haalli marii gareen barsiisuu kutaa keessatti maal fakkaata?
4. Dhimmota mala marii gareetiin afaan baruuf barsiisuutti gufuu ta'aniif furmaanni maali?

## 1.3. Kaayyoo Qorannichaa

Kutaa kana keessatti kaayyoon qorannichaa maal maal akka tahe ibsameera. Kunis, kaayyoo gooroofi kaayyoo gooree jechuun adda baafamee ibsameera.

### 1.3.1. Kaayyoo Gooroo

Kaayyoon gooroo qorannoo kanaa: mala marii gareetiin afaan barsiisuu haala barattoota mana barumsa sadarkaa lammaffaa Alaltuu kutaa 9ffaa keessattii mul'atan xiinxaluudha.

### 1.3.2. Kaayyoolee Gooree

Kaayyooleen gooree qorannoo kanaa:

1. Tooftaan marii gareen afaan barsiisuu hangam silabasiifi qajeelcha barsiisaa keessatti akka dhiyaatu ibsuu.
2. Barsiisaan daree keessatti hangam marii gareetti fayyadame akka barsiisu addeessuu.
3. Haalli marii gareen barsiisuu kutaa keessatti maal akka fakkaata ibsuu.
4. Dhimmota mala marii gareetiin afaan baruuf barsiisuutti gufuu ta'aniif furmaata eeruu.

## 1.4. Faayidaa Qorannichaa

Faayidaan qorannoo kanaa gahee yookin fedhii hirmaannaa barattootaa kutaa keessatti odeeffannoo gahaafi dhugaa ta'e kallattii hunda akka argatan taasisa. Dabalataanis mallii marii gareen barsiisuufi barachuu dandeettii kalaqu barattootaa gabbisa. Gama birootin immoo faayidaan marii gareen barachuufi barsiisuun qabu keessaa, dandeettii wantoota adda addaa xiinxaluu horachuu, hangam akka barnoota sana hubatan adda baasanii beekuufi odeeffannoo gahaa ta'e ragaalee garaagaraa irraa haala salphaa ta'een akka hubatan taasisa. Gama biraatin qorannoo kana irraa faayidaleen argamuu danda'an haala armaan gadiitiin tarreeffamanii jiru:

- Malli baruu barsiisuu marii garee barattootaaf faayidaa inni barnoota afaaniif qabu mirkaneessa.
- Yaadolee gabbisoo tahan kaasuun dhiheessa baruu barsiisuu mala marii gareen barattootaa barsiisuu irratti barsiisaafi barataan gahee isaanii akka bahan isaan taasisa.
- Barsiisonni Godina shawaa kaabaa Aanaa Alaltuu mana barumsa Alatuu sadarkaa lammaffaa kutaa 9ffaa, mala baruu barsiisuu marii garee haala kamiin barnoota afaanii keessatti shaakalsiisuu akka qaban agarsiisa.
- Namoota mataduree kanarratti gara fuulduraatti qorannoo gaggeessaniif ka'umsa taha.

## 1.5. Daangaa Qorannichaa

Rakkooleen adeemsa baruu barsiisuu keessatti mudatan baay'eedha. Manni barumsa sadarkaa lammaffaa Alaltuu kutaa 9ffaafi 10ffaa, barsiisota digdamii saddeet qaba. Akkasumas, kutaalee kanneen keessatti gosni barnootaa garagaraatuu barsiifama. Qorannoon kunis, adeemsa baruu barsiisuu kutaalee lamaan keessatti gosoota barnootaa Afaan Oromoo irratti osoo adeemsifamee filatamaa ture. Garuu humnaafi yeroo jiru waliin warreen olii kana lamaaniratti adeemsisuun rakkisaadha. Waan kana ta'eef, qorannoon kun mana barumsa sadarkaa lammaffaa Alaltuutti, barattootaa kutaa 9ffaafi barsiisota Afaan Oromoo kutaa 9ffaa barsiisan irratti, wayitii barnoota Afaan Oromoo, mala baruu barsiisuu marii gareetiin afaan barsiisuu irratti daangeffameera. Sababni manni barumsaa kun filatames, qorataan mana baruumsa sadarkaa lammaffaa Alaltuu keessatti waan barsiisuuf qorannoo kana adeemsisuuf mijataa ta'ee waan argameefi. Akkasumas, kutaan 9ffaan sababni itti filatameef, kutaan 10ffaa sababa qormaata biyyoolessaan odeeffannoo hanga dhumatti irraa funaanuuf rakkisaa waan taheef kutaa 9ffaa irratti daanga'ee jira.

## 1.6. Hanqina Qorannichaa

Manneetiin barnootaa sadarkaa lammaffaa hedduun godina shawaa kaabaa keessa jiraatanillee, qorannaan kun sababii hanqina yerootiin mana barumsaa hunda keessatti gaggeessuun hin danda'amne. Kanaafuu, Mana Barumsaa Alaltuu Sadarkaa 2ffaa gosa barnoota Afaan Oromoo kutaa 9ffaa irratti xiyyeeffatamee akka hojjetamu ta'eera. Waan kana ta’eef, bu'aan yookaan argannoon qu'annaa kanaa akka ka'umsaatti kan fudhatamu malee, manneetii barnootaa hunda irratti hojjeta jechuu miti. Kana malees, kutaa 9ffaafi gosa barnootaa tokko qofa irratti hojjetamuun isaas akka hanqina tokkotti ilaalama.

## 1.7. Qindoomina Qorannichaa

Qorannoon kun boqonaalee shanitti qooddamee dhiyaate. Boqonnaa tokkoffaa keessatti ariirrata qorannichaa, ka’uumsa qorannichaa, kaayyoo qorannichaa, barbaachisummaa qorannichaa, daangaa qorannichaa, hanqina qorannichaafi dhimma haala qorannichaa ibsutuu dhiyaate. Boqonnaa lammaffaan sakatta’a barruu yommuu ta’u waa’ee rakkoolee raawwii mala marii gareetiin afaan barsiisuu irratti muulatan, yaada hayyoonni garagaraa mala marii gareetiin afaan barsiisuu irratti kaasan sakkatta’uufi sakatta’a barruu firoomina mata durichaan dhiyeenya qabanirratti qoranoolee gaggeeffametuu keessatti dhiyaate.

Boqonna sadaffaan mala qorannichaa kan ibsu yommuu ta’u, qorannichi mala qorannoo ibsaa kan mala makaatiin adeemsifameedha. Kutaa kana keessatti tooftaa qorannichaa, madda ragaalee qorannichaa, meeshaalee funaansa ragaalee, idattoofi mala idatteessuu (mala qaaccessa odeeffannoo)fi tooftaalee ragaan ittiin qaacceffaman addeeffamee jira.

Boqonnaa afraffaa keessatti qaaccessafi hiika odeeffannootuu dhiyaate. Kana malees boqonnaa isa dhumaa, boqonnaa shannaffaa keessatti immoo argannoo xiinxala godhamerraa ka’uun cuunfaa, argannoofi yabootu walduraa duuba isaa qabatee dhiyaate jira.

# BOQONNAA LAMA: SAKATTA'A BARRUU YAADRIMEE

Sakatta'an barruu yaada hayyootaati. Kunis, mataduree qorannichaa gidduugaleessa godhachuudhaan yaada hayyootaa sakatta'uurratti kan xiyyeeffatudha. Sakatta'a barruun barreeffamoota qorannoofi miti qorqnnoo mata-duree qorannoo waliin simatu, kan kanaan dura qoratamee jiru gadi fageenyaan qaacceefame, cuunfameef kaayyeeffameedha.Waan kana ta'eef, qorannoo gaggeeffamu tokko caalaatti qabatamaa fi amanamummaa qabaachuu akka dandada'uf shoora ol'aanaa qaba. Yaadaa hayyoottan gargaaraa fayyadamuun qorannoo dhugoomsuuf hinkoo qaba. Barbaachisummaa sakatta'a barruurratti hayyoonni baayyeen yaada bal'aa kennanii jiru. Yaada barbaachisummaa sakatt'a barruu ilaalchisee, Addunyaa (2011:57) yoo ibsu, "*Dhimma qorannoon irratti gaggeefamaa jiru tokko kanneen duraan hojjataman walqabsiisuun mormuu yookan deeggaruu, cimsuu fi qaawwa mul'atu agarsiisuun qorannichaaf ka'umsa kan ta'e addaan baasuudha."* Jedheeti kaa'a. Akkaataadhuma yaadota hayyoota kanneeiirraa hubatamutti sakatta'an barruu caacculee qoranoo keessaa ijoofi murteessaa ta'uu isaa hubatama. Kanaafuu qorannoo kanaaf yaadolee hayyoota adda addaarra burqan, kanneen qorannoo kanaaf tumsaniifi tajaajilan, barruulee qorannoo, kitaabilee adda addaarraa fudhachuun yaadolee hayyoota kanneenii akkuma jirutti, akkasumas bakka barbaachisaatti immoo yaada mataa kootiin keessaa cuunfee fudhachuun sakatta,a barruu yaadrimefi sakatta'a barruu walfakkii jalatti fayyadameen jira.

## 2.1. Maalummaa Mala Baruufi Barsiisuu

Akka Richardfi Rogers (2001:19) ibsanitti, "Malli baruuf barsiisuu adeemsa akka waliigalaatti haala dhiyeenya qindaa'aa irratti hundaa'ee, beekumsa barbaadamu dabarsuuf raawwatudha." Akkasumas, malli karoora waliigalaatti meeshaaleen afaanii ittiin ibsaman ta'ee, isaan kana jidduutti walfaalleessuun kan hin jirreefi hundi isaanii haala dhiheenya filatamaa kan bu'ureffataniidha. Yaada kanatti dabaluun, Richard and Rogers (2001) moodeela Anthony waabeffachuun, akkas jechuun ibsu: malli:

- Sadarkaa itti yaaxxinni hojiidhaan mul'atudha.
- Adeemsa dandeettii murtaa'aa barsiisuun itti filatamudha.
- Iddoo qabiyyee murtaa'aa barsiisuun itti filatamudha.

- Tartiiba qabiyyeen ittiin dhiyaatus kan murteessuudha. Itti dabaluun, sadarkaalee afaan itti xiinxalamu akka gadiitii ibseera:
- Kaayyoon tooftichaa maal akka ta'e,
- Qabiyyeen afaanii akkamittii akka filatamuufi qindaa'u,
- Akaakuu gochawwaniifi gilgaalotaa maal akka fakkaatu,
- Gahee barataafi gahee barsiisaa irratti xiyyeeffata.

Akka waliigalaatti yaada kanarraa wanti hubatamu, adeemsa baruuf barsiisuu kamiyyuu keessatti, galma gahinsa barnootaaf, malli bakka guddaa kan qabu ta'uusaati.

### 2.1.1. Maalummaa Hojii Garee

Sirna barnootaa tokko keessatti akkaataa barnootni itti kennamu qulqullinaafi gahuumsa barnootaa eegsisuu keessatti iddoo olaanaa qaba. Kaayyoo barnootaa galmaan gahuuf, malli barnootni itti dhayaatu murteessaadha. Barnootni immoo tooftaalee adda addaatiin dhiyaata. Tooftaalee kana keessaa tokko mala marii yookan hojii gareetiin barsiisudha. Hojii barnootaa keessatti malli baruufi barsiisuu gahee olaanaa akkuma qabu, hojiin garees mala baruufi barsiisuu keessatti iddoo guddaa qaba. Hojiin garee mala ammaayyaatiin barumsa kennuu akka ta'e ogeeyyiin barnootaafi xiinqooqaa xiinsammuu (psycho linguists) nihubachiisu. Barachuu irrattis haa ta'u jiruufi jireenya keessatti, walii galanii hojjechuun bu'aa olanaa akka qabu (Jacobs, G.1 988: 100) ni ibsa. Hojii daldalaa keessattis haa ta'u namoonni dhuunfaa adeemsa jiruu fi jireenya keessatti bu'aa qabeessa ta'uuf, walii galanii gamtaadhaan yookaan gareedhaan hojjechuun akka walii galaatti furtuu jireenya keessatti milkaa'uu akka ta'eefi kunis barachuu keessattis akka wal fakkaatu ragaaleen adda addaa akka agarsiisan addeessa.

Hojiin garee moggaasa garaagaraa qaba. Takka takka gamtaan barachuu, yeroo biraa immoo walgargaarsaan barachuu, yeroo kaan waliin barachuu, yoo kaan immoo gareedhaan barachuu akka ta'etti moggaafama (Davis, 1993:1). Ammaaf, garuu, dhimma qu'annaa kanaaf jecha marii garee jedhuun itti fayyadamneera. Maalummaa marii garees gama ilaaluun hiikni adda addaa ni dhiyaata. Fakkeenyaaf, Cohen (1972 : 2) hojii garee haala itti aanuun addeessiti.

> *Students working together in a group small enough so that everyone can participate on a task that has been clearly assigned. Moreover, students are expected to carry out their task without direct and immediate supervision of the teacher. Group work is not the same as ability grouping in which the teachers*

*divide up the class by academic criteria so that they can instruct a more homogeneous group.*

Akka yaada waraabbii kanaatti, miseensonni garee xiqqaachuu isaanii irraa kan ka'e gocha kennameefii irratti bal'inaan qooda fudhachuuf carraa argatu. Itti dabaluunis, utuu barsiisaan kallattiidhaan keessa seenee hin to'atiin hojii kennameef akka raawwatan irraa eegama. Miseensonni garees akka dandeettii isaaniitti kan walitti dhufan utuu hin taane, beekumsaafi dandeettii garaagaraatiin akka gurmaa'an ta'uu mala.

Girmaanis (2003 : 105) hojiin garee gochoota miseensonni garichaa wal faana hojjetaniifi baay'ina miseensota garee haala itti aanuun ibsa. *" Group work is here used to refer to activities where two to five or six students are assigned to work together."*

Akka yaada Beebeefi Mastersonitti (1986:3). immoo, maalummaan hojii garee hojii wal faana hojjetamu keessatti namoonni murtaa'an walii wajjin akka hirmaatan beekannii jijjiirama fiduuf kan wajjin mariyataniifi yaada wal jijjiiranidha. Haaluma kanaan, kaayyoo tokko galmaan gahuuf namoonni lamaa ol ta'an kallattiidhaan wal bira taa'anii odeeffannoofi yaada wal jijjiiruu akka ta'e jarri kun niibsu.

Hojiin garee barattoota gola barnootaa keessa jiran garee gareedhaan ijaaruun mata-duree dhimmoota garaagaraa irratti akka mariyatan gochuudha. Akka miseensa gareettis walhubachuun haala si'aayina qabuun wal faana dalaguudha. Malli kun barattoof wa1ii waliisaanii wajjin akka mariyataniifi walirraa baratan waan taasisuuf, sodaafi qaanii barattoonni dubbachuufi yaada wal jijjiiruuf qaban, akkasumas yaadaafi fedhii isaan barsiisaa irratti hirkachuuf qaban ni xiqqeessa; carraa afaan shaakaluu barattootaa jajjabeessuun ni babal'isa (Atkins, Hailomifi Nuru, 1996)

Brumfitis (1979:72) yaada ogeeyyii adda addaa waraabbachuun maalummaa garee, "*A group is usually defined as a number of people who interact with one another, who are psychologically aware of one another, and who perceive themselves to be a group",* jechuun eera. Haluma kanaan, namoonni yookaan barattoonni walitti dhufuudhaan dhimma yookaan mata-duree tokko irratti miseensota yaada wal jijjiiranidha. Kana malees, si'aa'ina xiinsammuutiin kan wal hubataniifi garee tokko ta'uusaanii kan amanan akka ta'e hubachiisa.

Miseensota garee mariif qopheessuuniifi marii gaggeeffamu sana qindeessuun yeroo gabaabuudduu daqiiqaan lakkaa'amtu keessatti yookaan immoo wayitii (period) guutuu

kessatti raawwachuun ni danda'a. Mariin garees maal akka ta'e Byrneetiin (1976: 80) ibsameera.

> *By discussion is meant any exchange of ideas and opinions either on a class basis, with you as the mediator and to some extent as the participator, or within the context of a group, with the students talking amongst themselves. It may last for just a few minutes or it may continue for a whole lesson (in which case it belongs, of course, to advanced stage of language learning).*

Yaadni kun akka ibsutti, mariin garee kan gaggeeffamu barattoota gidduutti yommuu ta'u, adeemsa marii keessatti gaheen barsiisaa haala mijeessaa, yookaan hirmaataadha malee murteessaa miti. Haa ta'u malee, adeemsi hojii garee akka milkaa'uuf sirrtti karoorsuu fi qindeessuun, akkasumas bu'aan marii garee sanaa barsiisaatiin walitti gudunfamee gadi fageenyaan barattootaan hubatamuu qaba.

Walumrnaa galatti, hojiin garee miseensota dhimrna yookaan kaayyoo tokkoof walitti gurmaa'anii kaayyoo sana galmaan gahuuf kallattiidhaan yaada wal jijjiiran akka ta'e hubachuun ni danda'ama.

### 2.1.2. Akaakuu Hojii Garee

Richardsii and Rodgers (2001: 196), yaada Johnsoniifi hiriyyootasaa fudhachuun gareedhaan barachuu bakka sadiitti qoodu. Isaanis:

- Garee idilee - yeroo gareen kun itti turu wayitii barnootaa tokko irraa hanga torbaan baay'eetti deemuu danda'a. Kaayyoon isaas gochoota muraasa ta'an ittiin hojjechuufi galii barnootaa barattoota hunda hammatu galmaan ga'uu keessatti barattoota hirmaachisuufi.
- Garee miilta'aa - gareen kun kan yeroof dhaabbatudha. Yeroon inni turus daqiiqaa muraasaa hanga wayitiin barnootaa sun xumuramuttidha. Kaayyoon isaas yeroo barattoonni kallattiidhaan barnoota irratti hirmaatan akka barnoota sana irratti fulleffatan gochuufi.
- Garee dhaabbataa - gareen kun yoo xinnaate hanga waggaa kan turu ta'ee, gareewwan adda addaa kan ofkeessatti qabatudha. Kaayyoon isaas miseensoonni garee barnoota saanii galmaan gahachuu akka danda'aniif akka wal gargaaran, wal jajjabeessaniifi deeggaran gochuuf kan ijaaramudha.

Nation (1994: 161-166) hojii garee iddoo afuritti qooda. Bu'uurri qoodama gareewwan kanaas gocha tokkoo tokkoon garee raawwatuufi odeeffannoo barattoonni dhuunfaatti yookaan gareedhaan qaban irratti hundaa'a. Haaluma kanaan;

- Qindeessa walitti makoo (Combining arrangement) - garee kana keessatti miseensonni garee , tokko tokkoon barattootaa, odeeffannoo addaafi barbaachisaa ta' e tokko qabu. As irratti barattoonni dhuunfaadhaan odeeffannoo ciccittuu kan barattoonni kaan hin qabne yoo qabaatan, yeroo gareedhaan walitti dhufan immoo gocha kennameefi raawwachuuf odeeffannoo qofaa qofaatti qaban walitti fiduun gochicha ittiin raawwatu.
- Qindeessa gamtaa ( Cooperative arrangement) - Barattoonni miseensa garee kanaa hundisaanii gocha kennameefi yaada waliisaanii irratti odeeffannoo wal qixa ta'e qabu. Kaayyoon isaas barattoonni hubannoosaanii walii hiraa gocha kennameefiif furmaata akka barbaadan gargaaruufi
- Qindeessa olaanaa-gadaanaa (Superior-inferior arrangement) - hojiin garee qindeessa olaanaa-gadanaa, barsiisuu duubatti hafaa wajjin wal fakkaata. Miseensonni garee kanaa hundisaanii odeeffannoo hin qabani. Odeeffannoo hunda kan qabu barataa tokko yookaan barattoota muraasa qofa .
- Qindeessa dhuunfaa (Individual arrangement) - garee kana keessatti barattonii hundisaanii odeeffannoo wal fakkaatu qabu. Haa ta'u malee, barataan tokko odeeffannoo cittuu ofii qabuun qofa gocha raawwata.

Gosoonni hojii garee armaan olitti eeraman haala taa'umsa barattootaatiinis garaagarummaa qabu. Kana malees, akkaataan walitti dhufeenya barattootaa, galiin barnootaa fi gochaaleen raawwataman addaddummaa qabu. Karaa biraammoo, caaseffama galii hojii garee irratti hundaa'uun Jacobs. G. (1988:98) hojii garee iddoo sadiitti hiree ilaala. Bu'uuruma kanaan

- Caasaa galii gamtaa- hirmaattonni garee kanaa kan galii dhuunfaasaanii gahuu dandahan yoo hiriyyoonnisaanii galiisaanii galmaan gahan qofa. Kana fakkeenyyan ibsuuf, taphattoota kubbaa kachoo fudhachuun ni dandahama. Taphattoonni kun yoo gareedhaan walii galanii hojjetan malee qofaa qofaatti bu'aa argachuu hin danda'an.
- Caasaa galii wal dorgommii- wal quunnarntiin miseensota garee kanaa wal diddaa wal dorgommii irratti kan hundaa'edha. Wal faana yaadaniifi hojjetanii galiisaanii rukutuuf

fedhiifi tokkummaan hinjiru. Garee kana fakkeenya taphattoota dorgommii teenisiitiin wal fakkeessuun ni danda'ama.

- Caasaa galii dhuunfaa- hirmaattota garee kana keessa wal qunnamtiin wal faana galii tokko gahuu hin jiru. Bu'aan hirmaataan tokko argate kan isaan biroo wajjin wal hinsimatu. As irratti fakkeenya gaarii ta'uu kan danda'u galii dorgomtoota bishaan daakaniiti.

Kanaafuu, caasaan barattoota gola tokkoo yoo barsiisaatiin hojii gareef mijaahuu baate, raawwii hojii garee irratti akka dhiibbaa qabu Jacobs, G. (1988:97) ni ibsa. Barattoonnis wal gargaaruuf fedhii hin horatan jedha.

## 2.2. Gurmaa'ina Barattootaa

### 2.2.1. Gola Barsiisaatiin Hogganamu

Akka seenaa mala baruuf barsiisuutti golli barnootaa barsiisaa gidduu galeessa godhatee gaggeefamaa akka dhufe qu'annoowwan adda addaa ni hubachiisu. Yeroo ammaa malli baruuf barsiisuu barsiisaatiin hogganamu akka boodatti hafaatti fudhatama. Sababiin kennamus adeemsa barumsaa keessatti barattoonni carraa hirmaachuu hin argatan kan jedhudha. Gola barnootaa barsiisaatiin durfamu ilaalchisee ogeeyyiin adda addaa waan jedhan qabu. Gola barnootaa barsiisaatiin hogganamu ilaalchisee Girma Gezahegn (2003:105) yaada Harmer fudhachuun, “Lock- step, ... is the traditional teaching situation, in other words where a teacher-controlled session is taking place,” ibsa. Adeemsi baruufi barsiisuu akkasii kun immoo yeroofi carraa bal'aa daran barsiisaaf kenna. Hirmaannaan barattootaa, garuu, nidaangeeffama.

McDonough and Shaw (1994: 230-231) yaada Longfi hiriyyootasaa wabeeffachuun, gola barnootaa barsiisaatiin durfamu keessatti gochoonni hunduu barsiisaatiin kan raawwatamaniifi barattoonni deebistoota qofa akka ta'an daangeessa. Kana malees, barsiisaan gaafataa, dadammaqsaafi madaalaa yeroo ta'u, barattoonni immoo deebistoota ta'uudhaan akka daangeffaman taasisa jedhu. Adeemsi baruufi barsiisuu akkasii kun immoo barattoonni hundi haala wal fakkaatuun barsiisaa qofa hordofaanii akka deeman taasisa. Dhimma baratamu sanarratti barattoonni yaada haaraa dhiyeessaniifi ofitti amananii hojjechuuf carraa hinargatan. Rakkoon mala barsiisuu barsiisaatiin durfamuu (Girrnaa, 2003:105) barattoonni akka dubbatan yeroo gahaa kennuu dhabuufi barattoonni afaan baratan sana ofitti amananii dubbachuu dhabuudha. Sababii kun ta'uu danda'eefis wal quunnamtiin gola keessatti mul'atu barataa

dhuunfafi barsiisaa jidduutti, barsiisaafi barattoota gola keessa jiran wajjin malee, barattota jidduutti miti. Itti dabalataanis, gaheen barattootaa deebisuu qofa waan ta'eefi. Gola barnootaa barsiisaatiin hogganamu keessatti saffisaan barachuun barattootaa saffisa barsiisaa irratti hundaa'a. Yoo barsiisaan dafee deema ta'e, barattoonni ciccimoon hordofuu danda'u; yoo barsiisaan suuta deema ta'e, barattoonni dadhaboo ta'an carraa argatu. Garuu, barattoonni cimoo ta'an immoo ninuffu. Haala kana McDonough and Shaw (1994: 231) yaada Long fudhachuun, barsiisaan barattoota dudduubbeensaanii garaagara ta' e bakka tokkotti fidee afaan barsiisuuf yaalu, barattoota hunda haala tokkoon, yeroo tokko keessatti, saffisafi malaa wal fakkaatuun dirqisiisuudha jedhu.

Rakkoolee kanneen fakkaatan irraa ka'uun barattoota gola tokko keessa jiran gareedhaan hiruun barsiisuun barbaachisaa ta'aa dhufe. Keessattuu, baroota 1980 as bal'inaan akka hojiirra oolaa

dhufe eerama.

### 2.2.2 Mala Marii Gareetiin Barachuu

Mariin garee maloota si'aayinaan ittiin baratan keessaa isa tokko ta'uu isaarrayyuu, barattoonni gola tokko keessatti argaman mata-duree marii irratti yaada wal jijjiiruun kaayyoo marii sanaa galmaan gahuu akka ta'e ni amanama. Mala gareedhaan barachuu Christison (1990:140) yaada Calderon waraabuun haala itti aanuun agarsiifti. Akka yaadasheetti, gareedhaan barachuun tarsiimoo barattoota ittiin jajjabeessaniifi mana barumsaa keessa tursan, ilaa1cha barattoonni ofiifis ta'e barattoota biroof qaban akka fooyyeffatan gargaaruu, daandii itti gadi fageenyaan yaadaniifi rakkoo hiikan agarsiisuufi dandeettiiwwan wal faana hojjechuu gonfachuudha jetti. Kana Waan ta'eef, gareedhaan barachuun si'aa'inaan barnoota hordofuu, hubannoo cimsachuufi beekumsaafi dandeettii horachuu dha. Hojiin garee sirriitti yoo karoorfameefi qindaa'e sochii si'aayinaan barachuu (active learning) keessatti meeshaa guddaa akka ta'eefi barattoota hundaaf carraa akka kennu Cohen (1972: 1) nibsiti. “If a teacher wants to produce active learning, then group work, properly designed, is a powerful tool for providing simultaneous opportunities for all class members.” Akka yaada kanaatti, faayidaan hojii garee, barattoota qofaaf utuu hin taane, barsiisaanis si’aayinaan barsiisuuf bu'aa qabeessa akka ta'e hubachuun nidanda'amaa.

Akka walii galaatti, gareedhaan baruufi barsiisuun barataafis ta'e barsiisaaf bu'aa qabeessa. Barattoonni onnatanii fedhiidhaan akka walirraa baratan, qabiyyee dhimma irratti mariyatamu sanaa gadi fageenyaan akka hubatan, dandeettii hubannoofi qayyabannoo akka argatan, ofitti

amanamummaan akka hojjetaniifi tajaajila afaan jiruufi jireenya keessatti qabu akka xiinxalan kan gargaaru ta'uu isaarrayyuu, dadhabbii barsiisaafi itti fayyadama yeroo irratti barsiisaan gargaarsa argata. Sababiinsaas miseensonni garee madda beekumsaafi odeeffannoo ta'uu isaaniirrayyuu, waliin ta'anii rakkoo hiikuu irratti haalli mijaataan waan uumuufi. Kana Waan ta'eef, mala marii gareetiin barumsa gaggeessuun, barnoota qulqullinaafi ga'uumsa qabu akkasumas jiruufi jireenya keessatti faayidaa qabu kennuu akka ta'e hubachuun hin rakkisu.

### 2.2.3. Faayidaa Hojii Garee

Adeemsa baruu fi barsiisuu keessatti gareedhaan barachuun bu'aa guddaa akka qabu ogeeyyiin adda addaa nibsu. Fakkeenaaf, Davis (1993 : 1) akkas jetti jechuun ibsiti.

> *Students learn best when they are actively involved in the process. Researchers report that, regardless of the subject matter, students working in small groups tend to learn more of what is taught and retain it longer than when the same content is presented in other instructional formats. Students who work in collaborative groups also appear more satisfied with their classes.*

Akka waraabbii kanaatti, adeemsa baruufi barsiisuu keessatti barattoonni gareedhaan baratan daran si'aayinaan akka hirrnaatan hubanna. Kana malees, barattoonni gareedhaan baratan waan baratan sirriitti hubachuufi qabachuuf akka isaan gargaaru ibsuu isaarrayyuu, barumsa isaaniitti akka gammadan nigumaacha.

Girmaan (2003: 107), kan Ellis (1995) yaada Long, Mcleaniifi Castanos waraabee dhiyeesse waraabuun, hojiin garee carraa afaanicha bal'inaan dubbachuu argamsiisuu isaarrayyuu, faayidaa olaanaa afaan dhimmoota adda addaa keessatti kennuu danda'u hubachuuf bu'aa qabeessa ta'uusaa mirkaneessa. Kana malees Freeman (2000: 150) kaayyoon hirmaannaadhaan barachuun dhiibbaa hawaasummaa, seenaafi aadaan jireenya barattootaa irratti qabu akka hubatan isaan taasisa jedha. “ The goal of the participatory approach is to help students to understand the social, historical, or cultural Jorces that affects their lives, and then to help empower studelnts to take action and make dicissions in order to gain control over their lives.” Hojiin garees hirmaannadhaan waan baratamuuf, barattoonni sirriitti akka ofbeekaniifi ofdanda'anii hojjechuudhaan akka jiruufi jireenya isaanii fooyyeffataniif bu'uura ta'a. Alamirew (1992: 13) afaaniin sirriitti dubbachuun kan danda'amu yoo afaanichi matumasaatiin dhimma baaseefi yoo barattoonni afaanichaan sirriitti walii galanii rokkoolee garaagaraa hiikuuf, odeeffannoo wal

jijjiiruufi mariidhhaan dhimma tokkoof furmaata kennuuf hawwii qabaatan, hojiin garee furtuu gaarii ta'uu ibsa.

Brumfitis (1979 : 73-74) yaaduma kana yoo ibsu akkas jedhee kaa’a.

> *Putting students into small groups in the classroom will both open up for them possibilities of interaction which are not normally available in a whole-class approach, and also make demands on them which - while they are difficult to specify precisely - will force a closer integration of language with social behaviour than would otherwise be possible, in a way compatible with our view of language acquisition and use.*

Haaluma kanaan, gareedhaan barachuun daree barattoota hunda wal faana barsiisuun kan hin argamne ta'uusaarrayyuu, barattoonni wal quunnamanii wal faana barachuuf carraa kan banu, tajaajila afaaniifi dhimmoota hawaasummaa kan wal simsiisu ta'uu hubachiisa. Faayidaa walirraa barachuus ni cimsa jedha.

Nunanis, gama isaatiin, (1988:83) yaada kana daran jajjabeessa. “Group work provides an environment in which learners can comprehend, it gives them opportunities for production and it provides contexts within which meaning can be negotiated.” Akkuma yaadni kun agarsiisutti gareedhaan barachuun hubannoo barattootaa kan cimsu, hiikaa fi itti fayyadama afaanii kan gabbisu ta'uu isaati. Itti dabaluun, Rod Ellis (1994 : 598), “Group work is often considered an essential feature of communicative language teaching," jedha. Haaluma kanaan, hojiin garee barsiisuu afaanii waliin dubbii keessatti mala baay'ee barbaachisaa ta'uusaa nu hubachiisa.

Gareedhaan barachuun dandeettiin barattootaa afaan barachuu irratti daran akka cimu ogeeyyii barnootaatiin ibsama. Fakkeenyaaf, Long and Porter ( 1985: 208-212) bu'aa hojiin garee afaan barachuu keessatti gumaachu haala itti aanuun ibsu.

- Hojiin garee barattoonni jiruufi jireenyasaanii keessatti carraa afaan baratan sanatti fayyadamuu ni guddisa.
- Hojiin garee qulqullina dubbii baratаa ni fooyyessa.
- Hojiin garee barsiisuu dhuunfessaaf (individualization of instruction) madda cimaa ta'a.
- Hojiin garee haala eeyyentaa amala gaarii (positive affective climate) ta'e saffisiisa.
- Hojiin garee kaka'umsaafi si'aa'ina baratаa dabala.

Marii yookan hojii garee keessatti barattoonni yaada bal'inaan akka wal jijjiiran carraa argatu. Akka yaada Cohenitti (1972:3), barattoonni gaaffii wal gaafachuuf, ibsa walii kennuuf, yaada wal jijjiiruuf, wal qeequuf, wal dhaggeeffachuuf, walii galuuf, wal mormuuf yookaan walii galanii murtii irra ga'uuf carraa gahaa argatu. Kana malees, mallattoo adda addaatiin walii galuu danda'u. Fakkeenyaaf, qubaan agarsiisuudhaan, akkaataa wanti tokko itti hojjetu dalagaan mul'isuun, mataa raasuun, nyaara walitti guuruun yookaan fuula ifaa ta'e agarsiisuun hirmaachuu danda'u. Kanaafuu, gareetiin barachuufi hojjechuun faayidaa olaanaa qaba.

Barbaachisummaa hojii garee ilaalchisee Cohen (Isuma Olii: 6) haala itti aanuun miidhaksitee agarsiifti. Kunis galii barnoota hayyummaafi hawaasummaa fiixaan baasuuf hojiin garee tumsa guddaa akka godhu yaada kanarraa hubachuun ni danda'ama.

> *Group work is an effective technique for achieving certain kinds of intellectual and social learning goals. [t is a superior technique for conceptual learning, for creative problem solving, and for increasing oral language proficiency. Socially, it will improve intergroup relations by increasing trust and friendliness. [t will teach students skills for working in groups that can be transferred to many student and adult work situations. Group work is also a strategy for solving two common classroom problems: keeping students involved with their work, and managing students with a wide range of academic skills.*

Yaada kanarraa hubachuun akka danda'amutti, gareedhaan barachuun, hubannoo yaad-rimeewwanii, mala kalaqanii ittiin rakkoo hiikan uumuufi beekumsaafi ga'umsaan afaanichaan dubbachuu argachuuf haxa olaanaa ta'uusaati. Gama hawaasummaatiin, fedhiifi hiriyyummaa barattootaa cimsuudhaan, wal quunnamtii miseensota garee barattoota jidduu jiru nifooyyeessa. Itti dabaluunis, dandeettiin gareedhaan hojjechuu barattootaa akka cimuufi tarsiimoo barattoonni ittiin hojjetaniifi beekumsa ittiin argatan ta'uusaa agarsiisa.

Gola barnootaa keessatti barbaachisummaa hojii garee fi deeggarsa inni ogeeyyii barnootaatiin qabus Long Ii Porter ( 1985 : 207 ) akkas jechuun xiyyeeffachiisu.

> *The use of group work in classroom ... has long been supported by sound pedagogical arguments. Recently, however, a psycho linguistic rationale for group work has emerged from second language acquisition research on conversation between non-native speakers, or interlanguage talk. Provided careful attention is paid to the structure tasks students work on together, the negotiation work possible in group activity makes it an attractive alternative to*

*the teacher- led, "lockstep" mode and a viable classroom substitute for individual conversations with native speakers.*

Yaadichi hojii gareen afaan dhalootaas ta'e afaan lammaataa barachuuf, faayidaa akka qabu agarsiisa. Yaada waraabbii kanaa irraa akka hubannutti, hojiin garee gochoota caasaa afaaniif xiyyeeffannoon sirritti kennarnee gaggeeffame jennaan, afaan barachuu keessatti faayidaa guddaa akka qabu agarsiisa. Ogeeyyiin barnootaas kanuma akka deggaran ibsa. Bu'aansaas gola barsiisaatiin hoogganamu caalaa filannoo afaan barsiisuu hawwachiisaa akka ta'e eeru.

Faayidaa hojii garee ilaa1chisuun Baabeefi Masterson (1986: 5-8) qabxiiwwan itti aananiin dhugaa bahu.

- Miseensonni garee muuxannoofi beekumsa adda addaa duraan qaban fidatanii waan gara hojii gareetti dhufaniif, madda odeeffannoofi beekumssaa ta'uu isaanii,
- Rakkoo murtaa' e tokko dhuunfaadhaan hiikuuf yaalurra, maloota garaagaraa miseensota garee irraa madduun furuuf yaaluun bu'aa qabeessa ta'uusaa,
- Gareedhaan hojjechuun dhimma irratti mariyatan sana sirriitti hubachuufi barachuuf mala fooyya'aa ta'e kan saffisiisu ta'uusaa,
- Barattoonni yeroo gareedhaan hojjetan fedhiinsaanii waan guddatuuf, mala adeemsa rakkoo hiikuufi murtii kennuu irratti dammaqinaan qooda fudhachuusaaniifi
- Miseensonni garee akkuma wal mariyataa demaniin irra caalaa waliisaaniifi of hubachaa akka deeman isaan gargaaruusaa mirkaneessu.

Ta'us, hojiin garee hanqinas akka qabu ogeeyyiin adda addaa sodaasaanii ibsu. Fakkeenyaaf, Girmaa (2003: 115-122)fi Birhanuun (2000: 64-66) hanqinoota gama hojii gareetiin jiran addeessaniiru. Akka yaada jara kanaatti, baay'ina barattootaa irraa kan ka'e, baay'inni gareewwaniifi miseensota garee nibaay'ata. Kunis baay'achuu sagaleefi naarnusa eeganii hojii garee hojjechuu irratti dhiibbaa uuma; golli nidhiphata. Kana malees, barsiisonni hojii garee karoorsanii, qindeessaniifi hordofaa waan hindhiyeessineef, barattoonni fedhiidhaan hinhirrnaatan, isaan hirrnaatanis baay'ee muraasa. Dudduubbeen barattootaas dadhabaa ta'uunsaa barattoonni akka walitti hirkataniifi hojii garee hojjechuu irratti qooda fudhachuu irra sodaachuufi baqachuu filachuun akka jiru eeru. Adeemsi akkasiimmoo qulqullina bamootaa irratti dhiibbaa badaa qaqqabsiisa.

Dimshaashumatti garuu, adeemsa baruufi barsiisuu afaanii kessatti, fayidaan hojii garee olaanaa ta'uunsaa ibsameera. Haaluma kanaan, gola barnootaa barsiisaatiin hogganamu caalaa gareedhaan barachuun barattoonni adeemsa baruufi barsiisuu irratti dammaqinaan akka hirmaatan nitaasisa, ofamanaanii akka dubbataniifi hojjetan nigargaara, mata-duree marii sanaa gad-fageenyaan akka hubatan isaan gargaara, dandeettiifi muuxannoo jiruufi jireenya keessatti isaan fayyadu akka argatan nitumsa, mala waliin ta'anii rakkoo hiikuu shaakaluu isaanii irrayyuu yaada murtii kennuu akka danda'an kan qopheessu, naamusaan wal caqasuufi walirraa barachuu akka gonfachiisu Longii fi Porter (1983: 208-212), Girma (2003: I 06-7), Brumfit (1979: 73-74), Ellisii (1994:599) fi Nunan (1988: 83) ni ibsu.

## 2.3. Rakkoolee Hojii Garee

Hojiin garee yookaan mariin garee afaan baruufi barsiisuu keessatti bu'aa olaanaa qaba jedhamu illee, hanqinootas niqaba. Fakkeengaaf, barattoonni gola keessa jiran muuxannoofi dudduubbee adda addaa irraa waan dhufaniif, haala wal fakkaatuun mala gareetiin barachuu irratti dhiibbaan hin taane jiraachuufi gochi hojii gareetiin barachuu utuu itti hin yaadamiin gurmaa'uufi kaayyoon isaa kaayyoo barnootaa wajjin walitti dhufeenya dhabuun rakkoo hojii garee akka ta'etti fudhatama, (McDonough fi Shaw, 1994: 225).

Hojiin garee barattoota gola barnootaa keessa jiran garee gareedhaan ijaaruun mata-duree dhimmoota garaagaraa irratti akka mariyatan gochuudha.Walumatti qabaatti marii yookan hojiin garee barattoonni sodaa malee mata-duree kennameefi yookaan yaada irratti mariyatan gadi fageenyaan akka hubatan, ofitti amananii akka dubbataniifi yaada dhiyeessan, adeemsa baruufi barsiisuu keessatti si'aayinaan akka hirmaatan, mala waliin ta'anii rakkoo hiikuufi yaada furmaataa kennuuti. Ta'us hojiin garee hanqinas akka qabu ogeeyyiin adda addaa sodaasaanii ibsu. Hanqinoonni kunniin maddi isaanii garaagara akka ta'aniifi hojiirra oolmaa marii yookan hojii garee kan gufachiisan ta'uusaanii nieeru. Fakkeenyaaf, Sherif fi Sherif (1996: 81) barattoonni gareedhaan walitti dhufuuf dhuunfaanis ta'e hawaasummaan rakkoo qabu. Kunis achii as dhufa barattootaa irratti garagarummaan akka jiraachuu danda'u agarsiisa.

Qabxiilee rakkoodha jedhaman Girmaan (2003: 115- 122) qu'annoo fi qormaata gaggeesse keessatti wantoota hojiirra oolmaa hojii garee gufachiisan jaha addaan baaseera. Isaanis:

1. Rakkoo naamusaafi baay'achuu sagalee : Akka argannoo kanaatti akkuma hojiin garee eegaleen baay'inni sagalee to'atamuu hin dandeenye ni mudata. Sababiinsaas gola tokko keessa

barattoonni baay'ee waan jiraniif garee hedduutu uumama. Kana waan ta'eef, sagaleen baay'achuu irraa kan ka'e naamusa eegsisuun rakkisaadha.

2. Barattoonni dandeettiifi kaka'umsa dhabuu: As irratti barattoonni dandeettiifi fedhii waan hin qabneef, hojii garee irratti qooda fudhachuu irra callisanii taa'uu filatu; yookaan barattoota muraasa irratti hirkatanii gaheesaanii gumaachuu irraa of qusatu.

3. Filannoo barattootaa: Barattoonni afaanitti fayyadamanii waliin dubbachuufi hojjechuu irra seera afaanii (seer-lugaa) qu'achuun qorumsa biyyoolessaaf ofqopheessuu filatu. Gareedhaan afaan barachuufis fedhii hin qaban.

4. Muuxannoo barattoonni barachuu irratti qaban: Muuxannoon barattoonni gareen hojjechuu irratti qaban dadhabaa ta'uufi dudduubbeensaaniis seer-luga afaanii qu'achuu malee shaakala barnoota afaanii biroof kan isaan qopheesse akka hin taane hubachiisa.

5. Dogoggora barattoonni uuman barsiisotaan sodaatamuu: Akka gola barsiisaatiin hogganamee to'atamuutti to'annoon waan hinjirreef, barattoonni dogoggora baay'ee uumu shakkiin jedhu barsiisota bira akka jiru qo’annichi ni mul'isa.

6. Haala qabatamaa gola barnootaa: Golli bamootaa baay'ina barattootaa irraa kan ka'e dhiphachuu ni danda'a. Kanaafuu, barattoonni akka garaa yaada wal jijjiiranii hojjechuuf ni rakkatu. Kana malees, teessoofi minjaalli walitti maxananii yookaan lafatti hordamanii dhaabbataniiru yoo ta'e, barattoonni haala barbaachisaa ta'een socho'anii hojjechuuf ni rakkatu.

Haaluma kanaan, hanqinoonni hojii garee kanneeniifi isaan biroo ta'u danda'u. Ogeessi Byrne (1976:78-80) jedhamu, fakkeenyaaf, hanqinoonni hojii garee yeroo fixuu, barattoonni dadhaboon hojii garee qabata godhachuudhaan caalaa akka hin hirmaanneefi dadhabaa ta'an gochuu, naamusni eegamuu dhabuusaa fi amalli barattootaa badaa akka deemu barsiisonni tokko tokko akka kaasan ni ibsa. Kana malees, gochoonni kennaman kan barattoota ofitti hin hawwanne yoo ta'eefi gaheen barsiisaa barattoota kan hin kakaasne yoo ta'e, hirmaannaa barattootaa irratti dhiibbaa guddaa akka uumu hubachiisa. Dabalataan, haalli gurmaa'ina gola barnootaafi walitti dhufeenyifi fedhiin barattootaa hojii irra oolmaa hojii garee irratti dhiibbaa akka qabu Christison(1990: 140) ni ibsiti. Akka yaada ogeettii kanaatti namni kamiyyuu uumamaan gareedhaan hojjechuu hin baratu. Kanaafuu, barattonni akkuma barumsa jalqabaniin gareetiin

hojjechuuf ni rakkatu. Gochoota garaagaraa waliin ta'anii raawwachuufis muuxannoo dhabuun hojiin garee akka haala gaariin hin raawwanne gufuu ta'a.

Rakkoolee hojii garee ogeeyyii hedduun haalaa wal fakkaatuun agarsiisu. McDonouph fi Shaw (1994: 237-238) yaaduma armaan olitti dhiyaatan cimsu. Akka yaadasaaniitti, rakkooleen hojii garee, sirriitti qindaa'ee gaggeeffamuu dhabuu, rakkoo gurmaa'ina gola barnootaafi teessooniifi minjaalli lafa gola barnootaa wajjin wal qabachuun socho'uu dhabuurraa kan ka'e, barattoonni tarreedhaan taa'uu malee akka garaa socho'anii hojjechuu dhabuu, haalli hojiin garee itti dhiyaatu fedhiifi hawwii barattoonni barnootaaf qaban guutuu dhabuu, garee barsiisaatiin gurmaa'e irratti barattoonni wal gargaaruufi wajjiin hojjechuuf fedhii dhabuufi baay'ina barattootaati. Walumaa galatti, rakkoon hojii garee mala hojiin garee itti dhiyaatuufi qophii sirna barnootaa gocha hojii garee raawwachuuf mijaa'aa ta'uu dhabuufi kanarraa kan ka'e barattoonni ittiin barachuuf fedhii dhabuu, rakkoo naamusaa, haala qabatama golaa ( physical constraints), fedhiin barattootaa shaakala seer-lugaafi qophii qorumsaa irratti xiyyeeffachuu, baay'achuun sagalee jibbamuu, shaakala hojii gareetiin barumsi qulqullina qabu hin kennamu jedhanii shakkuufi barattoota to'atanii sagantaa barnootaa gaggeessuun hin danda'amu rakkooleen jedhaman akka ka'an ogeeyyiin kun ni hubachiisu.

“Beebeefi Masterson (1986: 9-10) rakkoo hojiin garee qabu gabaabsanii dhiyeessu. Haluma kanaan, qulqullina hojii garee kan xiqqeessan keessaa tokko wal dhabdee (conflict) hambisuuf jecha yaada namoota biroo fudhachuuf dirqamuu, inni itti aanu immoo namoonni muraasa ta'an marii gaggeeffamu sana olaantummaan fudhachuun miseensota garee kaan carraa dhowwachuu, sadaffaan miseensonni garee tokko tokko gocha hojii garee raawwachuu irratti yeroo baay'ee hirkatoo ta'uufi hojii gareetiin gocha tokko raawwachuuf yeroo kan fudhatu ta'usaati. Bu'aa qabeessummaa hojii garee mirkaneessuuf, rakkoolee qophii sirna barnootaa, gurmaa'inaafi mijaa'ina gola barnootaa, baay'ina barattootaafi miseensota garee, gochaafi qajeelfama ifaa ta'e, fedhiifi tokkummaa barattootaa, karoorsuufi saganteessuu hojii gareefi madaallii firii barattootaa qindeessuun murteessaa ta'uusaa ogeeyyiin adda addaa ni addeessuu.

Fakkeenyaaf, Birhaanuun (2000:63-66) qorannoosaa keessatti rakkoolee hojii garee akka armaan gadiitti tarreessa.

1. Lakkoofsi barattootaa garmalee baay'ee waan ta'eef, hojii garee qindeessuufi shaakalsiisuun nirakkisa; haalli teesso barattootaas akkuma kana rakkisaa ta'uusaa,
2. Hojii garee keessatti barattoonni qooda fudhachuuf fedhii dhabuu,
3. Baay'’innii daree mana barnootaafi baay'inni barattoota daree tokko keessaa waan wal hin ginneef, gareedhaan barachuuf kan hin hawwisiifne ta'uu,
4. Barattoota muraasa irraa kan hafe barattoonni hedduun hojii garee akka hin jaalanneefi hojii garee hojjetan daree keessatti dhiyeessuu jibbuu,
5. Barattoonni hedduun gareesaanii keessatti hirmaannaa o'aa gochuu dhabuufi ifaajee barattoonni muraasni godhaniin firii argachuu yaaluu,
6. Barsiisonni barattoota hordofuu dhabuu.Keessaayyuu, barsiisonni tokko tokko immoo yeroo barattoonni mariyatan hojii biraa hojjechuu,
7. Xiyyeeffannoonoon barattootaa qorumsa biyyoolessaa malee hojii garee ta'uu dhabuu-hojiin garee qorumsa biyyoolessaaf akka hin tumsinetti fudhachuu,
8. Yeroon marii garee gaggeessuuf kenname xiqqaachuu,
9. Barattoonni dandeettii gareetiin barachuu dhabuu akka ta'e argannoosaa keessatti agarsiisa.

Kanaafuu, haala kana qo’annoofi qormaataan mirkaneessuun nimala. Yookaan immoo argannoo qormaata kanaa irratti hundaa'uun yaada furmaataa kennuu barbaachisa.

## 2.4. Qaamolee Raawwii Hojii Garee Keessatti Gahee Murteessaa Qaban

Adeemsa baruufi barsiisuu kamiyyuu keessatti gaheen barsiisotaafi barattootaa olaanaa dha. Mala baruu fi barsiisuu hojii garee keessattis adda bahee hin ilaalamu. Raawwii marii garee keessatti barssiisonni gahee murteessaa qabu. Kan barattootaas haaluma kanaan ilaalamuu danda'a. Gaheensaaniis qofaa qofaatti armaan gaditti dhiyaateera.

### 2.4.1. Gahee Barsiisaa

Marii garee wixinuu, karoorsuu, saganteessuufi qindeessuu irratti gahee barsiisaan qabu adda durummaan kan ilaalamudha. Galmaan gahuu kaayyoofi milkaayina hojii gareef ilaalcha barsiisaan qabuufi tooftaafi haala inni ittiin gaheesaa kana bahuuf carraaqu irratti hundaa'a. (Kaye and Rogers, 1968). Ilaalchi, fedhiifi kaka'umsi barsiisaan hojiisaa raawwaachuuf qabu mijaahinaafi milkaa'ina hojii barnootaaf bu'uura. Yaadni armaan oliis kanuma dhugoomsa. Kana malees, fedhiifi ilaalcha gaarii qabu malaafi tooftaa adda addaatti fayyadamee akkaataan itti

hojiirra oolchu murteessaadha. Kanaafuuu, barsiisaan qabxiilee itti aanan irratti fuulleffatee marii garee yoo raawwate bu'aa barnoota garii ta'e galmeessisiisuu danda'a.

- Barbaachisummaa mariiii gareetti amanuufi murtiirra gahuu,
- Kaayyoo barnoota marii garee addaan baasuu fi kaayyoo barnootaa wajjin wal simsiisuu;
- Mala baruufi barsiisuu marii garee karoorsuufi saganteessuu;
- Meeshaalee deggarsa barnootaa addaan baasuufi miseensota garee wajjin ta'uun akka hojii gareef tolutti qopheessuu;
- Qajeelfama marii garee ifaa ta'eefi miseensota marii garee biratti kan fudhatamaafi hojiirra ooluu danda'u qopheessuu;
- Garee adda addaa uumuu;
- Baay' ina miseensota garee murteessuu;
- Yeroo itti mariin garee raawwatu tilmaamuufi murteessuu;
- Gola barnootaa mijeessuufi gurmeessuu;
- Akkaataa taa'umsa barattootaa mijeessuu;
- Mata-duree marii wajjin gareewwan wal barsiisuu;
- Miseensota gareef gahee hojii qooduu;
- Hojii yookaan marii garee bifa qindoomina qabuun eegalsiisuu;
- Yoo barbaachisaa ta'ee argame ibsa gabaabaa kennuufi bu'aa marii garee irraa argamu barattoota hubachiisuu;
- Itti gaafatamummaa dhuunfaafi waliinii qayyabachiisuu;
- Hordoffii walirraa hin cinneefi madaallii gaggeessuu;
- Yeroo barbaachisaa ta'utti gareewwanis haata'an barattoota dhuunfaa gargaaruu, gorsuufi jajjabeessuu;
- Yaada xumuraafi guduunfaa kennuu;
- Qabxii madaallii yeroo yerootti barattoota beeksisuudhaan, barattoota cimoos haata'an dadhaboo jajjabeessuufi gargaaruu;
- Dhumarratti iddoo rakkoon jiru addaan baasuun, gara fuul-duraatti irratti karoorfachuun furmaata barbaaduu.

### 2.4.2. Gahee Barataa

Barataan gola barnootaa keessatti handhuura barumsaati. Himteewwan ammayyaas barnoonnii barataa giddu-galeessa godhatee hindeemnee bu'aa qabeessa akka hintaane agarsiisu. Gahee barattoonni marii garee keessatti qabanis Pounds and Garretson (1996) gahee garee ijaaruu, hojii garee raawwachuufi gahee miseensa dhuunfa akka ta'e ibsu. Haaluma kanaan barataan gahee itti aanu qaba.

- Faayidaa marii garee hubachuufi dalagaa marii gareef ofqopheessuu,
- Yeroo marii garee kabajuufi yeroon argamee hirmaachuu,
- Barattoota yookaan miseensota garee wajjin hariiroo gaarii qabaachuu,
- Waliigalteen hojjechuufi bu'aa gaarii galmeessisiisuuf dhuunfaanis ta'e waliin carraaqqii fufinsa qabu gochuu,
- Gahee hojiisaa beekuun yeroofi iddoo barbaadametti raawwachuufi k.k.f.

### 2.4.3 Gahee Sirna Barnootaa

Sirni barnootaa handhuura hojii barnootaa akka ta'etti ilaalama. Hojiin sagantaa barnootaas haata'u kan deeggarsa barnootaa, sirna barnootaa handhuura godhachuudhaan kan gaggeeffamu dha. Ka'umsiifi wixineen mala baruufi barsiisuus sirna barnootaa irraa madda. Malli baruufi barsiisuu marii garees kanaan ala hinta'u. Haaluma kanaan, adeemsa mala baruufi barsiisuu marii garee keessatti sirni barnootaa iddoo guddaa qaba. Fakkeenyaaf;

- Raawwii hojii gareef qajeelfamni ifaan jiraachuun,
- Qophiin sirna barnootaa haala hirmaachisaa ta'een qophaahuun,
- Mata-dureewwan mariif dhiyaatan haala qabatamaa gola barnootaafi mana barnootaan alaa wal simsiisnaan,
- Mata-duree marii barsiisotaafi barattootaan hawwatamnaan,
- Shaakalootaafi gilgaalota barattoota gidu-galeessa godhate qabaannaan,
- Barattootaafi barsiisota qophiifi yaada haaraaf qopheessinaan,
- Odeeffannoo barbaachisaafi gahaa kenninaan,
- Duraa-duubaan dandeettiifi beekumsa barattootaa haala fufinsa qabuun Cimsinaanifi kanneen kana fakkaatan hammannaan faayidaansaa olaanaa dha.

Kana waan ta' eef, milkaa'ina marii gareef gahee barsiisonni, barattoonniifi sirni barnootaa qaban Cimaa waan ta'eef, qo'annaan amma gaggeeffamu kunis isaan kanaafi kanneen biroo irratti

xiyyeeffata. Sochii mala baruufi barsiisuu afaanii ilaalchisee marii yookan hojiin garee bakka olaanaa akka qabu yaadni beektota armaan olitti eeramanii ni agarsiisa. Marii garee qindeessuu irratti, garuu, barsiisaan iddoo guddaa akka qabaachuu danda'u hin mamsiisu. Haalonniifi qabxiiwwan armaan olitti ka'an akka mul'isanitti, barsiisoonni, barattoonniifi bulchiinsi mana barnootaa qindoominaan mala hirmaachisaa ta'eefi sirna barnootaa mijaahaa ta'een hojjechuu baannaan, faayidaan marii garee irraa argamu xiqqaa ta'uu danda'a. Bu'aasaa caalaa fedhii dhabuu, wacaafi nuffiitu itti baay'ata. Kanaafuu, dalagaa marii garee irratti wantoota gufuu ta'an qu'annaafi qoranaatiin addaan baasuudhaan firii argamu irratti hundaa'uun, rakkoolee gufuu ta'uu danda'aniif furmaata barbaaduun, qulqullina barnootaa eegsisuun bu'aa qabeessaafi murteessaa akka ta'etti fudhatama.

## 2.5. Yaaxxinaalee Qorannoo Kun Bu'ureeffate

Qorannoo tokko gaggeessuuf yaaxxinni itti gargaarmanii qorannoo sana gaggeessan murteessadha. Yaaxxinoonni qorannoon kun bu'ureeeffaates madda odeeffannoo wayitaawaa (recency of data source)fi argamummaa madda odeeffannoo (accessibility of data source) kanneen jedhaniidha.

A) Madda Odeeffannoo wayitaawaa (Recency of data source):-Maddi odeeffannoo qorannoo tokko kan yeroo qorannoon sun adeemsifamaa jiru ta'uu qaba. Kan yeroon irra darbe ta'uu hin qabu. Qorannoon kunis akkuma yaaxxinni madda odeeffannoo wayitawaa kun ibsutti maddi odeeffannoo isaa yeroo barattoonni baruumsa isaanii hordofaa jiranitti rakkoolee mala marii gareetiin afaan barsiisuu haala barattoota mana baruumsa sadarkaa lammaffaa Alaltuu kutaa 9ffaa irratti odeeffannoon isaa kan yeroo isaa eeggatee wan ta'eef madda odeeffannoo wayitawaa qabaa jechuudha..

B) Argamummaa madda odeeffannoo **(**accessibility of data source**)**:-Adeemsa qorannoo tokko keessatti maddeen odeeffannoon irraa funaanamu kan jiran yoo ta'u, maddeen kun akkuma filatamanitti yeroofi bakka barbaadamanitti kan argaman yoo ta'e argamummaa madda odeeffannoo jedhamu. Haaluma kanaan qorannoon kunis madden odeeffannoo isaa rakkoolee mala marii gareen afaan barsiisuu haala mana baruumsa sadarkaa lammaffaa Alaltuu kutaa 9ffaa keessatti barattootaafi barsiisoota mana baruumsichaa madda odeeffannoo godhachuun kan adeemsifamee waan ta'eef argamummaa madda odeeffannoos qabaa jechuudha.

Walumaa galatti qorannoon tokko yaaxxinoota gargaaraa bu'ureeffachuu danda'a. Qorannoon kunis kanneen keessaa rakkoolee malla marii gareen afaan barsiisuu jedhu irratti yaaxxina armaan olii kanatti gargaaramuun rakkoolee mala marii gareen afaan barsiisuu keessatti muulatan madda odeeffannoo wayitawaafi argamummaa fayyadamuun rakkoolee qorannoo kana keessatti muul'atan sakatta'uun qaaccessuun dhimma itti bahameera.

## 2.6. Sakatta'a Barruu Walfakkii

Mata-duree qorannoo kanaa waliin qorannoowwan walfakkii kan ta'an, qorannoon kan biroos sakatta'amanii jiru. Isaanis akka armaan gadiitti dhiyaatani jiru. Qorannoo kunis Zewude (2005), mata- duree, "In the implementation of student centered methods the analysis of student related problems in Jimma zone Seto Semaro school." Kaayyoon isaas, mala baruu barsiisuu barataa giddugaleessa godhate keessatti, rakkoolee barataan walqabatan adda baasuu irratti xiyyeeffatee kan geggeeffameedha. Kaayyoon qorannoo kanaa garuu, mala marii gareetiin barattoota afaan barsiisuu mana barumsa sadarkaa lammaffaa Alaltuu kutaa 9ffaa keessattii mul'atan xinxaaluu kan jedhuudha. Mala baruu barsiisuu barataa giddugaleessa godhate irratti qorachuun walfakkaatu. Qorannoon isaa, mana barumsa sadarka lammaffaa Seto Semero sadadarkaa lammaffaa irratti kan gaggeeffame yoo tahu, qorannoon kun immoo, mana barumsa Alaltuu sadarkaa lammaffaa irratti kan gaggeeffamedha. Qorannoon inni biro qorannoo kanaan wal fakaatu immoo Tigist (2008), mata-duree, "sakatta'a hojiirra oolmaa mala baruuf barsiisuu barataa giddugaleessa godhate: mana barumsa sadarkaa 2ffaa magaala Gindhiir kutaa 9ffaa irratti". Kaayyoon isaas, mana barumsa Gindhiir sadarkaa lammaffaa keessatti, gosa barnoota Afaan Oromootiin mala baruu barsiisuu barataa gidduu galeessa godhateen barsiisuu keessatti hojiirra oolmaaan mala barataa giddu galeeffate irratti xiyyeeffatee kan dhiyaateedha. Qorannoo kana faana mala baruu barsiisuu barataa giddugaleessa godhate irratti qorachuun walfakkaatu. Qorannoon isaa mana barumsa sadarkaa 2ffaa magaala Gindhiir irratti kan gaggeeffame yoo ta'u, qorannoon kun immoo mana barumsa Alaltuu sadarkaa lammaffaa irratti kan gaggeeffamedha.

Walumaagalatti, qorannoon kun qorannowwan olitti caqafaman waliin mala baruu barsiisuu barataa giddugaleeffate kan jedhuun walitti dhufeenya haaqabaataniyyuu malee, garaagarummas ni qabu. Qorannoowwan kunis rakkoolee barataan walqabataniifi hojiirra oolmaa mala barataa

giddugaleeffate kan jedhu irratti xiyyeeffatu. Walittiqabaatti mala baruufi barsiisuu baratаа giddugaleeffate hundaa iddoo tokkotti qorachuu irratti kan xiyyeeffatan yoo ta'u, qorannoon kun garuu maloota baratаа giddugaleeffatan keessaa mala marii gareetiin afaan barsiisuu keessatti haala meeshaaleen sirna barnootaa kaa'aniin akka hin deemne rakkoolee gufuu ta'an mara kan qoratu ta'a. Kanaafuu, qorataan qorannoo kanaa, rakkoolee raawwii mala marii garee keessatti muul'atan hanga tokko furuudhaaf mataduree kana irratti qorannoo kan geggeessuu ta'a.

# BOQONNAA SADII: MALLEEN QORANNICHAA

## 3.1. Mala Qorannichaa

Kaayyoon qorannoo kanaa malleen baruu barsiisuu mala marii gareetiin baratаа afaan barsiisuu mana barumsaa sadarkaa lammaffaa Alaltuu kutaa 9ffaa xiinxaluudha. Kana gochuuf immoo, qorataan gosa qorannoo makaatti dhimma baheera. Sababni malli kun filatameef, odeeffannoon walitti qabaman mala lakkoofsaafi al-lakkoofsaan hiikuun waan barbaachisuufidha. Kunis kan ta’eef, ragaalee bifa bilchina qabuun funaanuufi xiinxaluuf barbaadameeti. Kun immoo, mala tokkotti fayyadamuu caalaa rakkoolee mul’atan gadi-fageenyaan akka hubataniif gargaara (Creswell, 2009).

Yaada kanarraa wanti hubannu, malli kun gadi fageenyaan xiinxaluudhaaf humna qabaachuufi gama amanuufi hubannoo bal’isuuf haala kan mijeessu ta’uu hubanna. Kanaafuu, qorannoo kana keessatti, akkuma odeeffannoon argameen duraaf duubatti deemuun xiinxaluun nidanda’ama. Odeeffannoon akkamtaan argame kunis, jecha irratti hundaa’uun mala addeessaatiin yookiin ibsaatiin kan dhiyaatu ta’a. Kanaafuu, jechoonniifi akkaataan itti fayyadama keenyaa, dhimmi sun waan barbaadameef hojiirra oolchuurratti gahee guddaa taphatu.
Qorannoon ammamtaa garuu, lakkoofsatti fayyadamuun ammamii? kan jedhu wantoota lakkoofsaan ibsuudha. Akaakuuwwan qorannoo kanaa odeeffannoo funnaanuufis ta’e qaaccessuuf, haala inni lakkoofsaan ibsuu danda’uun dhiyeessuu jechuudha. Lakkoofsichi ammo, gabatee, dhibbantaa, giraafii irratti hundaa’uun kan ibsamuudha. Kaayyoon guddaan qorannoo ammamtaa, ammamii walitti dhufeenya jijjiiramootaa kan murteessudha. Saxaxni qorannoo kanaas, ibsarratti hundaa’a. Ibsi taasifamus, walitti dhufeenya jijjiiramoota gidduu jiru addaan baasuurratti xiyyeeffata. Akaakuuwwan qorannoo kanaan olii addaan baafachuun, akkaataan odeeffannoon itti funaanamuufi gosa odeeffannoo funaanamu mararratti hubannoo keenya cimsa. Sababni isaas qorannoo tokko keessatti gargaaramuun hundarra gumaacha guddaa waan qabuuf, milkaa’ina, amanamummaa, qabatamummaafi cimina qorannootiif utubaadha.

Qorannoon kunis, xiinxala  mala baruu barsiisuu marii gareen baratаа  afaan barsiisuu irratti rakkoolee uumaman adda baasuun furmaata eeruu irratti xiyyeeffachuun, odeeffannoo bargaaffii cufaadhaan funaanamu, lakkoofsaafi parsantiin jechuun, ammamtaan taahanii, akkamtaan immoo kan xiinxalaman yoo ta’u, kanneen bargaaffii banaa, afgaaffii, daawwannaa, silabasii, qajeelcha barsiisaafi kitaaba AfaanOromoo kutaa 9ffaa sakatta’uun funaanaman immoo,

akkamtaadhaan kan ibsamuun qaaccefamaniidha. Walumaagalatti, odeeffannoon kallattii adda addaatiin funaanamee xiinxalamu, ragaaleefi tooftaalee walitti fiduun, dhimma cimaa tokko keessaa baasuuf kan haala mijeessedha. Kanaafis, qorannoon makaan isa tokkoo irra bu'a qabeessa. Kanaafuu, xiyyeeffannoon qorannoo kanaas, xiinxala rakkoo mala marii gareetin afaan barsiisuu haala mana barumsa sadarkaa lamaffaa Alaltuutti mul'atan adda baasuun kan xiinxale waan ta'eef, qorataan mala kanatti dhimma bahuu danda'ee jira.

## 3.2. Irraawwatama Qorannichaa

Manneen barumsaa mootummaa sadarkaa lammaffaa Godina Shawaa Kaabaa keessatti argaman keessaa manni barumsaa sadarkaa lammaffaa Alaltuu keeessatti mala marii gareetiin afaaan barsiisuu xinxaaaluun adda baasuun ibseera. Irraawwatamaan qorannoo kanaaf dhiyaatan immoo barattootaa kutaa 9ffaa Afaan Oromoo barataniifi barsiisoota Afaan Oromoo barsiisani.

## 3.3. Mala Iddatteessuu

Qorannoo tokko gaggeessuuf, gosawwan iddattoo gara garaatu jiru. Qorannoo kana gaggeessuuf, barattoota kutaa 9[ffaa] mana barumsa Alaltuu sadarkaa lammaffaa hundaarraa odeeffannoo funaanuun waan rakkisuuf, qoratan iddattoo mataasaatti gargaaramee odeeffannoo funaannateera. Nunan (1992).yommuu ibsu, "Qorataan tokko beekumsa dhimmicha irratti qabu irraa ka'ee kanneen odeeffannoo irraa argachuu danda'u murteessuu ilaallata" jedha. Qorannoo kanaaf madda odeeffannoo kan tahan, barsiisotaafi barattoota mana barumsa sadarkaa lammaffaa Alaltuuti. Manni barumsa kunis, barattoota kutaa 9ffaa daree saddeet qaba. Barattoonni daree tokko keessatti argaman, lakkoofsaan 60 yoo ta'an, barattoonni daree saddeetii walittiqabaan 480 ta'u. Isaan kana keessaa, barattoota hunda altokkttii qorannoo kanaaf hirmaachisuun humna, yeroofi baasiif waan ulfaatuuf mala carraa tasaatiin daree tokko keessaa barattoota 18 filamaniiru. Walumaa galattii daree sadeettan kana keessaa barattoonnii qorannoo kanaaf filataman 144 ta'u. Kunis walii gala barattoota jiran keessaa kan baayinni isaanii 30% ta'an mala carraa tasaa kanatti dhimma bahuun filatamaniiru. Isaan kunis odeef kennitoota sadarkkaa tokkoffa qorannoo kanaa ta'uun hirmaatu. Sababni mala carraa tasaa lakkoofsa daree isaanii kanneen lakkoofsa qara ta'an filachuun barbaachiseef daree hunda keessatti barattoota hundaaf carraa walqixa ta'ee kennuuf kan xiyyeeffatedha. Gama biroon immoo, barsiisota Afaan Oromoo kutaa 9ffaa barsiisan 4 akkuma jiranitti, qorannoo kanaaf odeeffannoo gahaa isaanirraa argadha jedhee qorataan waan amaneef, barsiisonni kunis kanneen isaan filataman mala kaayyeffataatti

dhimma bahuudhaan. Sababni mala kaayyeeffataa kanaan barsiisonni filatamaniif, mana barumsaa sadarkaa lammaffaa Alaltuu keessattii kanneen Afaan Oromoo barsiisan kan baayinni isaanii barsiisota 4 ta'aniif qorannoo kunis kallattiin waan ilaalatuufidha. Kanuma irraa ka'uudhaan barattoonnifi barsiisonni qorannoo kana keessatti qooda fudhatan odeefkennitoota sadarkaa tokkoffaa ta'u jechuudha. Dabalataan madda raga lammaffaa qorannoo kanaa kan ta'an immoo kitaaba barnootaa Afaan Oromoo kutaa $9^{ffaa}$, qajeelcha barsiisaafi silabasii Afaan Oromoo kutaa $9^{ffaa}$ sakatta'uun odeeffannoowwan barbaachisaan ta'an funaanamaniiru.

## 3.4. Meeshaalee ragaaleen Ittiin Funaanaman

Mata dureen kun xiinxala rakkoolee mala marii gareetiin barattootaa afaan barsiisuu haala barattoota mana barumsa sadarkaa lammaffaa Alaltuu kutaa $9^{ffaa}$ kan jedhudha.Qorataan qorannoo kana gaggeessuuf, mata duree kana waliin kan walsimatu, meeshaaleen odeeffaannon ittiin funaanamu filatamanii jiru. Meeshaaleen odeeffannoo ittiin funaanaman kunis, rakkoo dhiyaate sanaaf odeeffannoo qabatamaafi dhugaa ta'e argachuuf waan fayyadaniif, gaheen isaan qaban guddaadha. Akka ያለው (2006,151 ). Ibsutti, "የምርምር ውጤቶች በመረጃ ላይ የተመረኮዙ ናቸው መረጃዎች ደግሞ በማሰባሰቢያ ዘዴዎቹ ላይ፡፡" Bu'aan qorannoo ragaa funaannameerratti hundaa'a.

Akkasumas ragaan immoo meeshaa funaansa ragaatti kan jedhudha. Yaada kana irraa kan hubannu ragaan bu'uura qorannoo ta'uu isaati. Kanaafuu, qorannoon kun, daree keessatti rakkoolee mala baruu barsiisuu marii gareen barataa afaan barsiisuu xiixaluu waan ta'eef, qorataan afgaaffii, bargaaffii, daawwannaafi sakatta'a siilabasii, qajeelcha barsiisaafi kitaaba barnnotaa Afaan Orommoo kutaa 9ffaa irratti gaggeessuun qabiyyeen mala marii gareetiin barattoota afaan barsiisuu isaa of keessatti akka hammate kan xiinxaleedha.

### 3.4.1.Afgaaffii

Afgaaffii odeeffannoo ifaafi gadifageenyaan argachuuf kan nu dandeessisu, meeshaa odeeffannoon ittiin funaanamudha. Kana ilaalchisee, Yaalaw (1998) akka ibsetti: yeroo afgaaffiin gaafatamu, qoratichi deebii argaturraatti dabalataan, sochii qaamaa nama afgaafficha deebisuufi jijjiirama miira isaarraa waa hubachuun waan danda'amuuf, qorannoof odeeffannoo ta'u funaanuuf nama gargaara. Waan kana ta'eefis, qorataan, daawwannaafi bargaaffiin odeeffanno argatu gabbisuuf, dabalataan barsiisotaf afgaaffii mijatoo ta'an shan nidhiyeessa. Afgaaffii kanatti dhimma bahudhaan, kaayyoon galma gahuuf karoorfaman: Mana barumsa sadarkaa lammaffaa Alaltuutti barnoota, Afaan Oromoo kutaa 9ffaa keessatti tooftaa mala marii gareetin afaan barsiisuu keessatti meeshaaleen sirna barnoota maal akka jedhan malli barsiisan kutaa keessatti dhimma itti bahu maal akka ta'e adda baasuun addeessuufi mala marii gareetiin barsiisuu keessatti, Wantoota kutaa keessatti gufuu ta'an adda baasuun tarreessuun sakatta'uun ibsuu kan jedhan ta'u .

### 3.4.2. Bargaaffii

Qorannoon kun kan irratti xiyyeeffatu, xiinxala rakkoolee mala baruu barsiisuu marii gareetiin afaan barsiisuu haala barattoota mana baruumsa sadarkaa lammaffaa Alaltuu kutaa 9ffaa xixaaluu kan jedhudha. Kana gochuuf ammo, meeshaaleen ragaan ittiin funaanamu, dhimmichi ittiin addaan bahu keessaa tokko bargaaffiidha. Innis, gaaffiilee barreeffamaan dhiyaateef, odeefkennitootni ragaa yookaan odeeffannoo kennuu barbaadan barreeffamaan ibsataniidha. Yaada kana Zoltan (2007:103) yoo ibsu, "Bargaaffiin malleen odeeffannoon ittiin funaanamu keessaa isaa tokkoofi kan qorattoota baay'eedhaan filatamu ta'e argama." jedha.

Yaada oliirraa wanti hubannu, meeshaalee odeeffannoon ittiin funaanaman keessaa bargaaffiin, eenyummaa nama sanaa waan hin gafanneef, odeefkennitootni miiraa itti dhagahame akka barbaadanitti ibsachuuf, meeshaa filatamaa tahedha. Kun immo qorannoo tokkoof bakka guddaa qaba. Bargaaffiin, qorannoo kanaaf meeshaa ittiin odeeffannoon funaaname keessaa isa tokko dha. Bargaaffiin, si'a tokkoon namoota baay'ee irraa odeeffannoo argachuuf kan nu fayyaduufi namni odeeffannoo kennu sodaa tokko malee yaada itti dhagahame kan itti ibsatu ta'uu beektonni ibsaniiru. Bargaaffiin qorannoo kanaaf qophaa'aan gaaffii cufaa 12, banaa 4 walumaa galatti bargaaffii 16 barattoota 144f kan dhiyaatedha. Haaluma kanaan, meeshaa funaansa ragaalee kanatti dhimma bahuu danda'eera. kaayyoon galma gahuuf karoorfaman: Mana

barumsa sadarkaa lammaffaa Alaltuutti barnoota Afaan Oromoo kutaa 9ffaa keessatti tooftaa mala marii gareetin afaan barsiisuu keessatti meeshaaleen sirnna barnootaa maal akka jedhaniifi malli barsiisan kutaa keessatti dhimma itti bahu maal akka ta'e adda baasuun addeessuufi mala marii gareetiin barsiisuu keessatti, Wantoota kutaa keessatti gufuu ta'an adda baasuun tarreessuun sakatta'uun ibsuu kan jedhan ta'u .

### 3.4.3. Daawwannaa

Qorannoo kanaaf, adda durummaan meeshaa odeeffannoon ittiin funaanamu daawwannaadha. Daawwannaan qorataan odeeffannoo funaanuuf, namoota odeeffannoo irraa funaanu wajjiin tahuun yookiin naannoo isaan jiranitti argamuun wanta godhaniifi dubbatan dhiyeenyatti ilaalaafi dhagahaa mala itti odeeffannoon guuramudha. (Yaalaw 2001) Haaluma kanaan, qorataan, maaltu akka dareetti hojjetamu, akkamittii akka hojiirra oolufi haala jiru hundaa odeeffannoo gahaafi qabatamaa tahe meeshaa itti funaanatudha. Kunis, cheekliistii daawwaannoo qopheessuun mala barataa giddugaleessa godhate keessatti, marii gareefi hojii cimdiin hojjatamu ilaaluuf daree barnootaa afaan oromoo seenee qorataan guca mirkaneeffannaa daawwannaa qopheeffatee, daawwannaa daree adeemsisuu danda'eera. Daawwannaanis, kaayyoowwan qorannichaa keessaa wantoonni galma ittiin gahamuuf taasifame: Tooftaan marii gareen afaan barsiisuu hangam silabasiifi qajeelcha barsiisaa keessatti akka dhiyaatu ibsuu, barsiisaan daree keessatti hangam marii gareetti fayyadame akka barsiisu addeessu, haalli marii gareen barsiisuu kutaa keessatti maal akka fakkaata ibsuufi dhimmota mala marii gareetiin afaan baruuf barsiisuutti gufuu ta'aniif furmaata adda baasuu eeruun sakatta'uun ibsuu kan jedhan ta'u .

## 3.5. Sakatta'a Dokumantii

Qorannoo adeemsisuu keessatti ragaalee kallattiin sakatta'uun qabatama odeeffannoo tokkoo murteessuuf garagaara. .Yaada kana ilaalchisee Dastaa (2013) akka ibsetti: "Dokumantoota akka ragatti gargaaramne kanneen osoo itti hin fayyadamin dura dhugummaa isaanii hubachuun barbaachisaadha. Dhugummaa isaanii mirkkaneeffachuuf immoo qeequun barbaachsaadha. Qeequun qeeqa keessaafi qeeqa alaa jedhee bakka lamatti qoodama." Akka yaada hayyuu kanaarra hubatamutti dokumantoonis akka madda ragaa qorannootti kan nama fayydan ta'uutu hubatama. Haaluma kaanan silabasii, qajeelcha barsiisaafi kitaaba barataa Afaan Oromoo kutaa 9ffaa bara 2005 Biiroo Barnoota Oromiyaatiin maxxanfame mala marii gareetiin afaan barsiisuu irratti maal akka jedhan sakatta'un kan odeeffannoon walitti qabameedha. Sababni malli kun

filatameef odeeffannoo qulqulluufi amansiisaa ta’e argachuuf meeshaaleen funaansa raga kun gaariidha jedhamee waan amanameefi.

### 3. 6. Mala Xiinxala Odeeffannoo

Adeemsa raawwii qorannoo keessatti odeeffannoo funaanuu qoftti gahaa kan ta’uu miti. Odeeffannoo afgaaffii, bargaaffii, daawwannofi sakatta’aan dookumantiin funaanamee haala mata duree qorannichaa waliin deemuu danda’uun qaacceessuun argannoo qorannoo kanaa bakka itti dhugoomuufi xiinxalamuudha. Odeeffannoo bargaaffiin argaman lakkoofsaafi dhibbeentaan kan gabatee keessatti ibsaman yoo ta’u; kanneen daawwannoo, afgaaffiifi sakatta’a dookumantiin argaman immoo mitilakkoofsan kan ibsamaniidha. Qorataan qorannoo kanaas odeeffannoowwaan kalattii garagaraan funaannamu boqonnaa afraffaa qorannoo kanaa keessatti mala lakkoofsaafi ibsaatti gargaaramuun mala makaatiin qaaccesse ibsa.

# BOQONNAA AFUR XIINXALA RAGAALEE

Boqonnaan kana keesatti bakka itti odeeffannoon funaanaman itti xiinxalamaniifi itti ibsamuun dhiyaataniidha. Qorannoon kan irratti gaggeeffame Mana barumsa sadarkaa 2ffaa Alaltuu irratti yoo ta'u kunis mata dure, rakkoolee mala marii gareettiin afaan barsiisuu irratti muul'atan ilaalchisee, odeeffannoo afgaaffii, daawwannaafi kitaaba Afaan Oromoofi qajeelcha barsiisaa kutaa 9ffaa akkasumas siilabasii Afaan Oromoo kutaa 9ffaa sakatta'uun argame akkamtaadhaan, akkasumas odeeffannoo bargaaffiin barataa irraa argame funaanamee hammamtaan akkaataa walitti dhufeenyaa yaada isaaniin gaditti xiinxalamanii jiru.

## 4.1. Duubee OdeefKennitootaa Barsiisootaafi Barattootaa

Duubee odeefkennitootaa barsiisotaafi barattoota qorannoo kanaaf odeeffannoon kan irraa funaaname barsiisota Afaan Oromoo kutaa 9ffaa barsiisan afurfi barattoota kutaa 9ffaa baratan 144 yoo tahan, duubeen odeefkennitoota kanneenis, gabatee gadii keessatti ibsamaniiru.

### 4.1.1. Duubee Odeefkennitoota Barsiisootaa Afgaaffiin Dhiyaateef

Qorannoo kanaaf barsiisoota Afaan Oromoo barsiisan odeeffannoon irraa funaaname afur yoota'an, isaanis gabatee armaan gadii keessatti ibsamaniiru.

**Gabatee 1.** Duubee Odeefkennitoota Barsiisotaa

| Saala | Baay'ina | Umurii | | | | Sadarkaa barnootaa | | | | Muuxannoo hojii | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | | 30-35 | 36-40 | 41-45 | 46fi ol | TTI | Dip | Dig | Mas | 1-10 | 11-20 | 21-30 | 31 ol |
| Dhi | 2 | | 2 | | | | | 2 | | 1 | 1 | | |
| Dha | 2 | 1 | | 1 | | | | 2 | | | 2 | | |

#### 4.1.2. Duubee Odeefkennitoota Barattootaa Bargaaffiin Dhiyaateef

Qorannoo kanaaf barattotni odeeffannoon irraa funaaname dhibba tokkoofi afurtamii afur yoo tahan, isaanis gabatee gadii keessatti ibsamaniiru.

**Gabatee 2.** Duubee odeefkennitoota barattootaa.

| Saala | Baay’ina | Kutaa | Umurii | | | | | | Ida’ama |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | | | 15 | 16 | 17 | 18 | 19 | 20fi isaa ol | |
| Dhi | 80 | 9ffaa | 7 | 34 | 22 | 8 | 5 | 4 | 80 |
| Dha | 64 | 9ffaa | 4 | 23 | 18 | 10 | 7 | 2 | 64 |
| | | | | | | | | | 144 |

### 4.2. Sakatta’a Haala Qophii Meeshaalee Sirna Barnootaa.

Mariin garee mala barattoonni gareedhan ta’uun dhimma kennameef tokko irratti yaada mataa isaanii mormuun yookin deeggaruun ittiin ibsataniidha. Malli kun marii gareetiin afaan barsiisuun bu’a qabeessummaan isaa akka caalu qajeelchi barsiisaa Afaan Oromoofi silabasiin Afaan Oromoo kutaa 9ffaa tokko tokkoon ibsuun lafa kaa’anii jiru. Yaadoota kanas haala armaan gadiitiin ilaaluu dandeenya.

#### 4.2.1. Marii garee ilaalchisee haala qophii qajeelcha barsiisaa kitaaba Afaan Oromoo kutaa 9ffaa.

Mariin garee barataafi barsiisaa, akkasumas barattootaafi barattoota gidduutti yaada wal-jijjiiruun akka gaggeeeffamu taasisa. Barsiisaan mataa duree dhiyyeessuun akka barattoonni irratti mari’atanii yaada itti laatan, falman, deebii laatan, mormaniifi deeggaran taasisa. Marii isaanii kanas niqindeesa. Kun ammo barattoonii ogummaawwan gurguddoo afaanii cinaatti ogummaa gadifageenyaan yaaduu, ogummaa seecca’uu, ogummaa gareefi namoota waliin hojjechuufi ogummaa dhiyeessii akka gabbifatan gargaara.

#### 4.2.1.1. Bu’aa Marii Garee

- Barattoonni sodaatan yookan saalfataniifi suuta waa hubatan akka si’aayinaan hirmaatan jajjabeessa.
- Ofitti amanamummaa dabala.
- Gilgaaloota bal’aa yeroo murtaa’aa keessatti shaakalsiisa.
- Bilisaan ofbsuu barattootaa saffisiisa.
- Aadaa wal gargaarsa barattootaa gabbisa.
- Odeeffannoo akka walii hiran taasisa.
- Miseensoonni garee hunduu hubatamuu waan barbaadaniif Wal-dorgomsiisuuf haala mijeessa.
- Barattoota giddu galeessa taasifata.
- Barsiisaanis akka barattoota isaarraa baratu taasisa.
- Hirmaannaa tokkoon tokkoon barattoota cimsa.
- Odeeffannoo dabalataa kennuufi keessa deebiidhaaf mijataadha.

#### 4.2.1.2. Rakkoo mala marii garee keessatti uumamu akkamiin furuun danda’ama?

- Dursanii garicha qindeessuu.
- Barattoota dandeetiifi fedhii isaaniitiin gareetti qooduu.
- Nama garicha too’atu isaanuma keessaa akka filatan gochuu.
- Barsiisaan dalagaa gareewwanii haalan hordofuu.
- Dogoggora uumamu sirreessuun akka marii isaanii mata duricha taasifatan gochuu.
- Qajeelfama ifa ta’e kennuufi ammaa amma barattoota too’achuuraa ofqusachuu.
- Dalagaan fedhii barattootaa kakaasuufi barbaachisaa ta’e kennamuufi qaba.

Akkuma meeshaa sirna barnootaa kana irraa hubachuun dandaa’ametti afaan barsiisuudhaaf bu’aan marii garee olaanaa ta’uufi rakkoolee mala marii gareetiin afaan barsiisuu irratti nama quunnaman illee haala itti furuun danda’amuu hubachuu dandeenyee jirra. Yaaduma kana hayyoonni akka armaan gadiitti ibsu. Mariin garee afaan baruufi barsiisuu keessatti bu'aa olaanaa qaba jedhamu illee, hanqinootas niqaba. Fakkeengaaf, barattoonni gola keessa jiran muuxannoofi dudduubbee adda addaa irraa waan dhufaniif, haala wal fakkaatuun mala gareetiin barachuu irratti dhiibbaan hin taane jiraachuufi gochi hojii gareetiin barachuu utuu itti hin yaadamiin

gurmaa'uufi kaayyoon isaa kaayyoo barnootaa wajjin walitti dhufeenya dhabuun rakkoo hojii garee akka ta'etti fudhatama, (McDonough and Shaw, 1994: 225).

Walumaagalatti akka yaada meeshaa sirna barnootaa kanaatti mala marii gareetiin afaan barsiisuun rakkoo mataasaa qabaatuyyuu barnoota afaanii keessatti garuu bu'a qabeessumaan isaa daran kan caalu tu'uu isaa hubachuun barsiisoonni rakkoolee isaan qunnamaniif furmaata barbaaduun mala kanatti fayyadamuu akka qaban qajeelchi barsiisaa kun niagarsiisa.

### 4.2.2. Marii garee ilaalchisee haala qophii silabasii Afaan Oromoo kutaa 9ffaa.

Silabasiin qophii sirna barnoota keessatti ragaa isa guddaa odeeffannowwan qaamolee sirna barnootaatii dabarsuuf gargaaruudha.Yaada kana dhaabbanni NEK- International (1999:39), hayyoota (Dubine and Olshtain, 1986) waabeffachuun yoo ibsu, "The syllabus is one of the important curriculum tools via which curriculum developers convey information to teachers, learners, textbook writers, directors, etc. And amore detailed and operational statements of teaching and learning activities." jedhanii ibsu.

Akka yaada hayyoota kanaatti silabasiin meeshaa sirna barnootaa isa gahee olaanaa qabuufi kan qopheessitoonni sirna barnootaa qaamolee sirna barnootaa kanneen akka barsiisotaa, barattootaa, qopheessitoota kitabilee barataafi dura taa'ota manneen barnootaatiif odeffannoo waa'ee barnootaafi gochaawwan baruu barsiisuu ittiin daddarbu ta'uu hubanna. Silabasiin barnoota Afaan Oromoo kutaa 9ffaa mala marii gareetiin barsiisuun akka qajeelcha barsiisaa Afaan Oromoo kutaa 9ffaa keessatti tuqameen hojiirra oolchuun barbaachisaa akka ta'e qofa lafa kaa'ee darba. Kanaaf haalli qophii meeshaa kanaa mala marii gareetiin afaan barsiisuuf mijataa ta'uu isaa nuhubachiisa. Yaaduma kana ilaalchisee hayyoonni afaanitis yaada mata isaanii akka armaan gadiitti lafa ka'anii jiru.

Cruick shank and etal (1999) akka ibsanitti mariin garee barsiisootaafi barattoota, akkasumas barattootaafi barattoota walii walii isaaniin mari'achuun kan odeeffannoo ittiin waljijjiiran, yaada kan ittiin walii kennan, ilaalcha isaanii karaa ittin ibsataniifi walitti dhufeenya rakkoo isaanii ittiin hiikaniidha. Malli marii bu'a qabeessa kan ta'u, yaada namootaa seeran dhaggeeffachuun kanneen biroo waliin wal danda'anii hojjechuun, adeemsa dimokraatawaa hordofuun hubannoofi ilaalcha namoota biroo gadifageenyan madaaaluu, beekumsa qoqqoodachuufi kkf. yoo guutataniidha (Farrant, 1980).

Walumaa galatti yaadoota olitti ka’an irraa wanti hubannu qajeelchi barsiisaa Afaan Oromoofi siilabasiin Afaan Oroomoo  kutaa 9ffaa mala baruu barsiisuu marii gareetiin barattoota afaan barsiisuuf mijatoo ta’uu isaafi bu’a qabeessummaan isaa baay’ee olaanaa ta’uu isaa kan nutti agarsiisuudha. Akksumas, gilgaaloonni kitaabicha keessa jiranis mala kanaan barattoonni si’aa’inaan barnoota afaanii akka baratan kan sisi’eessuufi walitti dhufeenya isaanii daran cimsuun yaada isaanii bilisaan akka ibsatan kan isaan gargaaruudha. Dabalataaniis maleen baruu barsiisuu kanneen biro kan akka falmii, odibsaafi mala gaaffiif deebitti dhimma nibaha. Haata’u malee wayitiin kitaabichi barattoonni akka mala kanaan barataniif qaleelcha barsiisaa irratti kaa’eefi wayitiin barnootichaaf ramadamee jiru wal hin simu. Kanaaf hanqina yeroo irraa kan ka’e barattoonni mala kanatti qixa sirrii ta’een dhimma akka hinbaane ta’eera. Kanaafuu, mala marii gareetti dhimma bahuun afaan barsiisuuf wayitiin barnootaa kennameefi qajeelcha barsiisaa irratti kaa’ame yoo walsime bu’a qabeessummaan isaa caalatti akka cimu nuhubachiisa.

## 4.3. Qaaccessa Gaaffiilee Mala Baruu Barsiisuu Adeemsa Mala Marii Gareetiin Afaan Barsiisuu Waliin Walqabatan.

Xiinxala gaaffiilee mala baruu barsiisuu adeemsa mala marii gareetiin afaan barsiisuu waliin walqabatan haala armaan gadiin tokko tokkoon qaacceffamaniiru.

### 4.3.1. Qaaccessa Bargaaffii Barattootaaf Dhiyaate

Gabatee 3. Gaaffii Gochaalee Barsiisaatiin Walqabatan deebii barattootaa.

| Gaaffiilee | Safartuu | | | | | | I | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | Yeroo hunda | | Darbee darbee | | Gadaanaadha | | | |
| | A | | B | | C | | | |
| | Lakk | % | Lakk | % | Lakk | % | Lakk | % |
| 1. Mala marii gareetiin barnoota afaanii hagam barachaa jirtu? | 12 | 8.3 | 24 | 16.7 | 108 | 75 | 144 | 100 |
| 2. Barsiisan daree keessatti walii keessan akka wal gargaartan hangam carraa siniif kenna? | 16 | 11.2 | 30 | 20.8 | 98 | 68 | 144 | 100 |
| 3. Barsiisaan daree keessatti dandeettii tokkoon tokkoon keessan qabdan addaan baasee beekaa? | 23 | 15.9 | 37 | 25.7 | 84 | 58.4 | 144 | 100 |
| 4. Barnoota jalqabuu dura barsiisaan keessan hangam kaka'umsa isiniif kennaa? | 14 | 9.7 | 18 | 12.5 | 112 | 77.8 | 144 | 100 |

Furtuu: Lakk. = Lakkoofsa I = Ida'ama

Gabateen 3. Yaada olii irraa akkuma hubannu, mala marii gareen afaan barsiisuu keessatti muul'atan, gaaffii gochaalee barsiisaa waliin walqabatan irratti xiyyeeffachuudhaan, kan xiinxalameedha. Akka gabatee olii kanarraa hubachuun dandaa'mutti, gaaffii 1ffaa mala marii gareetiin barnnoota afaanii hagam barachaa jirtu jedhuuf, deebii odeefkennitootaa keessaa, %8.3(12) kan ta'an, mala marii gareen yeroo hunda afaan barachaa akka jiran kan ibsan yoo ta'an, %16.7(24) kan ta'an immoo darbee darbee mala marii gareen afaan barachaa jiraachuu isaanii warra ibsaniidha. Akkasumas, barattoonni %75(108) kanneen ta'an, immoo mala baruu barsiisuu marii gareen barnoota afaanii barannee hin beeknu jedhanii jiru. Xiinxala gabatee kanaarraa waanti salphaatti hubachuun dandaa'amu, dhibbeentaan harki caalu mala marii gareetti fayyadamnee afaan barachaa hin jirru waan jedhaniif, malli kun, daree barnootaa keessatti, barsiisota Afaan Oromoo barsiisaa jiraniin qixa sirrii ta'een hojiirra oolaa akka hinjirre nuhubachiisa. Dabalataanis bargaaffii banaa 1ffaa barsiisaan keessan irra caalaa daree keessatti mala baruufi barsiisuu marii gareemoo mala barsiisaa giddugaleessa godhate fayyadamu? Sababa isaan mala kana filataniif ibsaa jedhuuf barattoonni deebii walfakkaataa laatanii jiru. Barsiisaan, akka mala marii gareetti gargaaramuudhaan isaan hinbarsiifne ibsanii yaada bargaaffii cufaa irratti morman sana mirkaneessanii jiru. Sababni isaan mala kana filataniifis wayitiin barnoota Afaan Oromoof kennameefi qabiyyeen kitaba barnoota Afaan Oromoo waan walhinsimneef mala barsiisaa giddugaleeffatetti fayyadamanii nubarsiisu jechuun yaada olitti ka'e mirkaneessuu isaanii hubachuun danda'ameera.  Akkasumas, gabaticha keessatti gaaffiin, 2ffaa gochaalee barsiisaan raawwatuun walqabatee dhiyaate kana keessatti, barsiisaan walii keessan akka walgargaartan carraa hagamii isiniif kenna jedhuuf, barattoonni %11.2(16) kan ta'an, yeroo hunda carraa nuuf kenna kan jedhaniidha. Akkasumas, barattoonni %20.8(30) kanneen ta'an, immoo darbee darbee nibaranna jechuun deebisanii jiru. Dabalataaniis barattoonni %68 (98) ta'an mala marii gareen afaan barannee hin beeknu jechuun ibsuu isaanii, xiinxalli gabatee kanaa nuuf mirkaneessa.

Yaadni gabatee oli kanaa kan nuhubachiisu, barsiisaan afaanii daree barnootaa keessatti, barattootaaf walii isaanii akka wal gargaran carraa bal'inaan kennuu dhiisuu isaa nutti mul'isa. Adeemsa baruu barsiisuu mala marii gareen afaan barsiisuu keessatti immoo, mala kanatti dhimma bahuun barbaachisaa akka ta'e hubanna. Kanaaf, yaada kana akka hanqina barsiisaatti fudhanna jechuudha.

Gabatee 3. jalatti, gaaffii gochaalee barsiisaan raawwatun waliin walqabtu gaaffii 3ffaan, barsiisaan daree keessatti dandeettii tokkoon tokkoon keessan qabdan adda baasee beeka jedhuuf, odeef-kennitoonni %15.9(23) kan ta'an, barsiisaan daree keessatti dandeettii tokkoon tokkoon isaan qaban addan baasee beekuu isaa olaanaadha yoo jedhan, barattoonni %25.7(37) kanta'an immoo, darbee darbee malee addan baase hinbeeku yoo jedhan, barattoonni %58.4 (84) ta'an gonkumaa addaan baasee hin beeku jechuun deebisan. Xiinxala gaaffii kanaarraa waanti hubatamu, barattoonni irraa caalaan adda baasee hinbeeku waan jedhaniif, barsiisaan mala baruu barsiisuu marii gareetti fayyadamee qixa sirrii ta'een afaan barsiisuuf dandeettii barattoota hundaa, tokkoo tokkoon adda baasee kan hinbeekne ta'u isaati.

Gabatuma olii jalatti, gaaffii 4ffaa barnoota jalqabuu dura barsiisaan keessan hangam kaka'umsa isiniif kennaa? Jedhuuf, barattootni %9.7(14) ta'an, barsiisaan barnoota jalqabuun dura kaka'umsa yeroo hunda nuuf kennu kan jedhan yoo ta'u, barattootni%12.5(18) ta'an immoo, darbee darbee kaka'uumsa nuuf kennu jedhan. Akkasumas, barattoonni %77.8(112) ta'an immoo gonkumaa kaka'uumsa nuuf kennanii hin beekan warra jedhaniidha.Yaada kanarraa wanti hubatamu, barsiisaan barnootni jalqabamuun dura barattootaaf kaka'umsa barbaachisaa ta'e akka hin gooneefidha. Barsiisaan baruumsa jalqabuun dura barattoota isaa kakaasuufi sisii'eessuun immoo baay'ee barbaachisaa ta'uu isa beekuu qaba. Yaaduma kana hayyuun Brumfitis (1979:72) yaada ogeeyyii adda addaa waraabbachuun maalummaa garee yoo ibsu, "*A group is usually defined as a number of people who interact with one another, who are psychologically aware of one another, and who perceive themselves to be a group",* jechuun eera. Haluma kanaan, namoonni yookaan barattoonni walitti dhufuudhaan dhimma yookaan mata-duree tokko irratti miseensota yaada wal jijjiiranidha. Kana malees, si'aa'ina xiinsammuutiin kan wal hubataniifi garee tokko ta'uusaanii kan amanan akka ta'e hubachiisa.

Walumaagalatti, gaaffiilee gochaalee barsiisaan raawwatuun walqabataniin, odeeffannoon xiinxalame, rakkoolee mala marii gareen afaan barsiisuu furuuf, gaheen barsiisaarraa eegamu guddaadha. Haa ta'u malee, barsiisaan mala kana hojiirra oolchuuf, hanga tokko sochii kan gochaa jiran ta'uusaa hubatameera.

**Gabatee 4**. Mala marii gareetiin afaan barsiisu keessatti gaaffiilee shaakala daree keessaatiin walqabatanfi deebii barattootaa.

| Gaaffii | Safartuu | | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | Yeroo Hunda | | Darbee darbee | | Gadaanaa | | I | |
| | Lakk | % | Lakk | % | Lakk | % | Lakk | % |
| 5. Gochaalee barnoota Afaan Oromoo mala marii gareetiin hangam raawwattu? | 20 | 13.9 | 33 | 22.9 | 91 | 63.2 | 144 | 100 |
| 6. Marii garee daree keessatti tokkoon tokkoon keessaniif barsiisaan keessaan hangam gahee qindeessuu, dhiyeessuu fi yeroo to'achuu isiniif kenna?. | 8 | 5.6 | 14 | 9.7 | 122 | 84.7 | 144 | 100 |
| 7. Garee keessan keessatti mariin garee barattoota hangam hirmaachisa? | 22 | 15.2 | 34 | 23.6 | 88 | 61.2 | 144 | 100 |
| 8. Mala marii garee fayyadamuun qabiyyeewwan barnoota Afaan Oromoo dhiyyaatan walii walii keessan hangam walbarsiistu? | 11 | 7.6 | 19 | 13.2 | 114 | 79.2 | 144 | 100 |

Akka gabatee 4. olii irraa hubachuun danda'amutti, gaaffii 5ffaa marii gareetiin walqabatee dhiyaaterratti, barattootni gochaalee barnootaa Afaan Oromoo hangam gareedhaan raawwatu gaaffii jedhuuf, deebiin odeefkennitoota irraa argame, barattootni %13.9 (20) ta'an, gochaalee barnootaa Afaan Oromoo yeroo hunda gareedhaan raawwachuu isaanii kan ibsan yoo ta'u, barattootni %22.9 (33) darbee darbee kan raawwatan ta'uu isaanii ibsaniiru. Akkasumas, barattoonni 63.2% (91) ta'an immoo raawwannee hinbeeknu jechuun gadaanaa ta'uu isaa odeeffannoo bargaaffii guutan irraa hubachuun danda'ameera. Yaada olii kanarraa wanti

hubatamu, barattootni harki caalaan isaanii gochaalee barnootaa Afaan Oromoo marii gareetiin kan hin raawwanne ta'uu isaati.

Gabatee 4. Gaaffii 6ffaan, garee keessatti tokkoon tokkoon keessaniif gaheen isiniif kennameera. Fakkeenyaaf,qindeessuu,dhiyeessuufi yeroo to'achuu kan jedhuuf, deebiin odeefkennitoota irraa argame, barattootni %5.6(8) ta'an, yeroo hunda gaheen nuuf kennama kan jedhan yoo ta'u, barattootni %9.7(14) kan ta'an immoo marii garee keessatti tokkon tokkoon keenyaaf darbee darbee gahee nuuf kennu jedhaniiru. Akkasumas barattoonni %84.7 (122) kan ta'an immoo gaheen tokko tokkoo barattootaaf kennamee hin beeku jechuun akka gahee dhuunfaa dhuunfaan argatanii hin beekne odeefannoo bargaaffii guutamerraa hubachuun danda'ameera. Kanarraa wanti hubatamu, hojiin garee barattootaaf yemmuu kennamuuf barattoota ciccimoof darbee darbee gaheen akka isaanif kennamu argina. Haa ta'u malee, marii garee keessatti barattootni hundi gahee yoo qabaatan itti gaafatamummaan akka itti dhagahamu godha. Itti gaafatamuummaa kennameef kanas bahuuf, hojii garee kennameef xiyyeeffannoon hojjetu. Kun immoo, hirmaannaan daree keessatti godhan daran akka dabaluuf gahee guddaa qabaachuu isaa, guca mirkaneeffannaa daawwannaa gaaffii 1.3.irratti godhameen mirkanaaheera.

Gaaffiin 7ffaa gabatee olii keessatti argamu, garee keessaan keessatti mariin garee barattoota hangam hirmaachisa jedhuuf, deebiin argame, barattootni %15.2(22) ta'an, hojiin garee kennamu kan barattoota hirmaachisufi mariisisu ta'uu isaa olaanaadha kan jedhan yommuu ta'u, barattootni %23.6(34) immoo giddu galeessan ta'uu isaa ibsaniiru. Akkasumas barattoonni %61.2 (88) ta'an gadaanaadha jechuu isaanii, bargaaffii odeefkennitoota irraa hubachuun danda'ameera. Kanarraa wanti hubachuun danda'amu, hojiin garee barattootaaf kennamu haala gahaa taheen kan isaan hin hirmaachisnefi hinmariisifne ta'uu isaati.

Gabatuma olii gaaffii 8ffaa keessatti immoo mala marii garee fayyadamuun qabiyyeewwan barnoota Afaan Oromoo dhiyyaatan walii walii keessan hangam walbarsiistu? Jedhuuf barattoonni %7.6 (11) ta'an yeroo hunda walbarsiifna yoo jedhan, brattoonni%13.2 (19) ta'an immoo darbee darbee kan walbarsiisan ta'uu nutti agarsiisa. Akkasums barattoonni%79.2 (114) ta'an immoo mala marii garee fayyadamanii walii walii isaanii walbarsiisuun baay'ee gadaanaa ta'uu isaa ibsu. Yaada odeefkennitoota kana irraa wanti hubannu barattootni iracaalaan isaanii malamarii gareetiin fayyadamanii afaan akka hin baranne nutti agarsiisa. Haata'u malee

barattoonni ciccimoon darbee darbee akka isaan barsiisan qorataan yaada isaanii kana irraa hubachuu danda’eera.

**Gabatee 5.** Hojii dhuunfaan walqabataniifi deebii barattootaa.

| Gaaffiilee | Safartu | | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | Olaanaadha | | Giddugaleessa | | Gadaanaadha | | I | |
| | Lakk. | % | Lakk. | % | Lakk. | % | Lakk. | % |
| 9. Barnoota isiniif kennamuun dandeettiiwwan afaaniitti fayyadamuu keessan hangam guddifattan? | 7 | 4.9 | 19 | 13.2 | 118 | 81.9 | 144 | 100 |
| 10. Dandeettwwan afaanii keessan guddifachuuf daree keessatti gochawwan adda addaa soda tokko malee hangam raawwattuu? | 9 | 6.2 | 15 | 10.4 | 120 | 83.4 | 144 | 100 |

Gabatee olii gaaffii 9ffaa keessatti, barnoota isiiniif kennamuun dandeettiiwwan afaaniitti fayyadamuu keessaan hangam guddifattan jedhuuf, barattootni %4.9 (7) barnoota kennamuun

dandeettiiwwan afaanitti fayyadamuun guddifachuu isaanii olaanaadha kan jedhan yoo ta'u, barattoonni %13.2(19) kan ta'an, giddugaleessan dandeettii afaanitti fayyadamuun guddifachuu isaanii ibsaniiru. Akkasumas barattoonni %81.9 (118) ta'an immoo gadaanaa ta'uu, odeefkennitoota bargaaffii guutaan irraa hubachuun danda'ameera. Odeeffannoo gabatee kanarraa wanti hubatamu, barattootni harki caalaan isaanii barnoota isaaniif kennamun dandeettiiwwan afaanii isaanii kan hin guddifane ta'uu isaati. Haa ta'uu malee, barnoonni kennamu tokko dandeettiiwwan afaanii irratti kan xiyyeeffatee qophaa'u ta'uu qaba. Akkasumas, barnoonni hirmaachisaa ta'e, daree keessatti carraa barattootaaf kennuu qaba. Kana ta'uu baannaan, barattootni dandeettiiwwaan afaaniittii fayyadamuu isaanii guddifachuu hin danda'an. Yookiin immoo dandeettiiwwaan afaanii hunda walqixa itti dhiimma hin bahan jechuudha.

Gabatee kana keessatti gaaffiin 10ffaanis, dandeettiiwwan afaanii keessan guddiffachuuf daree keessatti gochawwan adda addaa soda tokko  malee raawwattu jedhuuf, barattootni %6.2 (9) ta'an, dandeettiiwwan afaanii  isaanii guddiffachuuf gochawwaan adda addaa daree keessatti soda tokko malee raawwachuu isaanii olaanaadha kan jedhan yoo ta'u, barattootni %10.4 (15) ta'an immoo, giddugaleessan dandeettiiwwaan afaanii isaanii fooyyeeffachuuf gochawwan adda addaa soda tokko malee akka raawwatan yoo ibsan, barattoonni %83.4 (120) ta'an garuu dandeettii afaanii isaanii guddifachuuf gochawwan adda addaa soda malee raawwachuu irratti gadi aanaa ta'uu, bargaaffii guutame irraa hubachuun danda'ameera. Kun kan nutti agarsiisu, barattootni baay'een gocha daree keessatti raawwatamurratti ija waalaafaniif ofitti amanamummaa dhabuun soda akka qabanidha. Haa ta'uyyuu malee, iftoominni barataafi barsiisaa gidduu yoo hin jiru ta'e, kaayyoon barbaadame bakkaan hin gahamu.

**Gabatee 6.** Qabiyyee kitaaba barataatiin walqabatefi deebii barattootaa.

| Gaaffilee | Safartuu | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|
| | Eeyyee | | Lakkii | | I | |
| | Lakk. | % | Lakk. | % | Lakk. | % |
| 11. Kitaaba Afaan Oromoo keessan keessa mata-dureen mala marii gareetiin akka afaan barattan isin affeeru jira? | 132 | 91.7 | 12 | 8.3 | 144 | 100 |
| 12. Qabiyyeewwan kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa 9ffaa keessa jiran mala marii gareetiin akka afaan barattan fedhii isinitti horuu? | 108 | 75 | 36 | 25 | 144 | 100 |

Gabatee olii gaaffii 11ffaa keessatti kitaaba keessan keessa mata-dureen mala marii gareetiin akka afaan barattan isin affeeru jiraa? Jedhuuf barattoonni %91.7 (132) ta'an eeyyee jira yoo jedhan, barattoonni %8.3 (12) ta'an immoo lakki warra jedhaniidha. Deebii odeefkennitoonni kennan kana irraa wanti hubannu barattoonni irra caalaan isaanii kitaaba isaanii keessa mata-dureewwaanfi gilgaaloota jiran yaadachuun jiraachuu isaa kan mirkaneessan yoo ta'an, warri lakkii jechuun deebisan kun immoo hanqina yerootirraa kan ka'e mala marii gareetiin baratanii waan hin beekneef qofa hinjiru jechuu isaanii qorataan yaada odeef kennitoota kana irraa hubachuu danda'eera. Akkasumas gabatee olii gaaffii 12ffaa keessatti qabiyyeewwan kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa 9ffaa keessa jiran mala marii gareetiin akka afaan barattan fedhii isinitti horuu? Jedhuuf barattoonni %75 (108) ta'an eeyyee jechuun yoo deebisan, barattoonni %25 (36) kan ta'an immoo lakkii jechuun gaafannoo isaaniif kenname guutanii jiru. Yaaduma kana hayyoonni haala itti aanuun armaan gaditti ibsanii jiru.

Hojiin garee barattoota gola barnootaa keessa jiran garee gareedhaan ijaaruun mata-duree dhimmoota garaagaraa irratti akka mariyatan gochuudha. Akka miseensa gareettis walhubachuun haala si'aa'ina qabuun wal faana dalaguudha. Malli kun barattoof wa1ii waliisaanii wajjin akka mariyataniifi walirraa baratan waan taasisuuf, sodaafi qaanii barattoonni dubbachuufi yaada wal jijjiiruuf qaban, akkasumas yaadaafi fedhii isaan barsiisaa

irratti hirkachuuf qaban ni xiqqeessa; carraa afaan shaakaluu barattootaa jajjabeessuun ni babal'isa (Atkins, Hailom and Nuru, 1996)

Walumaagalatti bargaaffii barattootaaf dhiyaate kana irraa raawwii mala marii gareetiin afaan barachuu daree barnootaa keessatti taasifamu irraa haala barsiisaan barattoota isaa itti barsiisuu qabuufi fedhiin barattoonni mala marii gareetiin afaan barachuuf qaban, kaka’uumsa barsiisaan barattoota isaatiif kennuuqabu, akkasumas barattoonni gochaalee daree keessatti raawwachuu qaban soda qaban iraa kan ka’e raawwachuu dadhabuu isaanii hubachuu dandeenyee jirra.

### 4.3.2. Qaaccessa Afgaaffii Barsiisootaaf Dhiyaate

Afgaaffii barsiisotaaf taasifame keessaa, gaaffii 3ffaa mala baruu barsiisuu marii gareetti, daree barnoota afaanii keessatti hangam fayyadamtu? Maaliif? Isa jedhuuf, deebiin barsiisonni dhiyeessan haala gadiin taaheera. Adeemsa baruuf barsiisuu keessatti, mala kana baay’inaan akka hin fayyadamne ibsaniiru. Sababni isaas, tokkoffaan, baay’inni barattoota daree tokko keessa jiranii, akka barattoota hunda yeroo gabaabduu keessatti hin hirmaachisne taasisa. Dabalataan, dhiphinni daree, hojii garee adda addaa kennuuf nama rakkisa. Kanaaf, hojii garee kennuun, keessa deemanii ilaaluuf, darichi waan hin miijanneef, harka caalaa barattootaan hojjedhaa jechuurra ofumaa hojjechuu filatu. Lammaffaan, wayitiin gosa barnoota Afaan Oromoof kenname xiqqaa waan ta’eef, mala marii garee fayyadamanii qabiyyee jiru fixuu barbaadu. Kanaaf, darbee darbee malee mala kanatti hin fayyadaman. Sadaffaan, barattoonni marrii gareen afaan barachuu irratti laafoo waanta’aniif dubdeebiin barattoota irraa argamu gadi aanaadha jechuun barsiisonni ofuma isaanii barsiisuu akka filatan ibsaniiru.

Kanaaf, yeroo baay’ee mala marii gareen afaan barsiisuutti dhiimma akka hin bane ibsaniiru. Afraffaan, barattoonni mala marii gareen afaan barachuuf fedhii hin qaban. Mana barumsa kana, barattoonnii mana barumsa afaan Amaaraafi Afaan Oromoo irraa dhufan jiru. Barattoonni mana barumsa afaan Amaaraa irraa  dhufan kunis, gosa barnoota Afaan Oromoo kutaa shanaffaa irraa jalqabanii akka afaan lammaffaatti barachaa kan dhufaniidha. Barattoota kana, barattoota mana baruumsa Afaan Oromoo kutaa 1-8 barnoota gosa hundumaa Afaan Oromootiin barachaa dhufan waliin wal dorgomsiisuun ulfaataadha. Yeroo dareetti barsiifamuufi hojiin garee garagaraa kennamuuf, rakkoo dandeettii afaaniitti fayyadamuun yaada ofii ibsachuu waan qabaniif, hirmaachuurra callisuu filatu. Fakkeenyaaf, mariin garee

yoo jiraatee, marii sana dhiisanii haasaa biraa haasa'u. Yookiin immoo, callisanii taa'u.

Barattootni kun, dandeettiin isaanii tasumaa kan wal hinsimnedha. Haala akkasii keessatti, mala marii gareen afaan barsiisuu yaaluun baay'ee ulfaataadha. Afgaaffii barsiisota kanarraa wanti hubatamu, daree barnootaa tokko keessatti barattoota baay'eetu barata yoo ta'e, garee keessatti gochaalee garagaraa raawwachuuf, barsiisaan garee hundaaf duubdeebii kennuuf, barataan hundi akka hirmaatu carraa kennuufiin rakkisaa ta'a. Akkasumas, daree barnoota afaaniitti mala baruu barsiisuu marii gareetti fayyadamuuf, barattoonni dandeettii afaanicha dubbachuu, dubbiisuu, dhaggeeffachuufi barreessuu qabaachuu qabu. Yaada odeef kennitoonni kennan kana irraa wanti hubannu qabiyyeewwan kitaaba baraataa keessa jiran qajeelcha barsiisaa waliin walsimuu dhabuu isaanii malee mata-dureewwan hedduun mala marii gareetiin afaan barsiisuuf barataa akka ofitti hawwatan qorataan hubachuu danda'eera. Yaaduma kana hayyoonni yoo ibsan, mariin garee hanqinas akka qabu ogeeyyiin adda addaa sodaasaanii ibsu. Fakkeenyaaf, Girmaa (2003: 115-122)fi Birhanuun (2000: 64-66) hanqinoota gama hojii gareetiin jiran addeessaniiru. Akka yaada jara kanaatti, baay'ina barattootaa irraa kan ka'e, baay'inni gareewwaniifi miseensota garee nibaay'ata. Kunis baay'achuu sagaleefi naamusa eeganii hojii garee hojjechuu irratti dhiibbaa uuma; golli nidhiphata. Kana malees, barsiisonni marii garee karoorsanii, qindeessaniifi hordofaa waan hindhiyeessineef, barattoonni fedhiidhaan hinhirmaatan, isaan hirmaatanis baay'ee muraasa. Dudduubbeen barattootaas dadhabaa ta'uunsaa barattoonni akka walitti hirkataniifi hojii garee hojjechuu irratti qooda fudhachuu irra sodaachuufi baqachuu filachuun akka jiru eeru. Adeemsi akkasiimmoo qulqullina barnootaa irratti dhiibbaa badaa qaqqabsiisa.

Walumaagalatti afgaaffii barsiisootaa kana irraa wanti hubachuu dandeenyu baay'inni barattootaa daree tokko keessa jiranii, dhiphinni daree barnootaafi wayitiin gosa barnootaa kanaaf kenname xiqaa ta'uu, akkasumas rakkoo barattoota Afaan Oromoo akka afaan lammafaatti baratan waliin waliigalteen jiraachuu dhabuun barsiisaan mala marii gareetiin afaan akka hin barsiisne ta'uu isaa nuhubachiisa.

### 4.3.3. Qaaccessa Daawwannaa Daree Barnootaa

Daawwannaa guca mirkaneeffannaa gaaffii 1.1.fi 1.2.irratti qorataan daree seenuun taasiseen, barsiisonni Afaan Oromoo barsiisan, daree barnoota keessatti barattoonni fedhiifi xiyyeeffannoon akka barataniif, mataduree barnootichaa haabeeksisaniyyuu malee, kaayyoo isaa kan hin ibsine tahuun hubatameera. Hanqinaalee garagaraa irraa kan ka'e, qixa sirrii

ta'een mala kana fayyadamaa akka hinjirre mirkaaneessee jira. Kanaaf, mala marii gareetiin afaan barsiisuu iraatti rakkoon akka jiru adda baafamee jira.

Leu (1998) barsiisonni daree tokko keessatti barattoota walitti dhiphisanii kan barsiisan yoo ta'e, kaayyoo barbaadame bira ga'uuf rakkoo uumuu danda'a. Sababbiin hayyuun kun kaa'es, malleen barsiisuu kan akka marii garee, mala piroojektii, mala rakkoo hiikaa, gahee taphachuu hojiirra oolchuuf rakkatu jechuun ibseera. Yaada kanatti dabaluun, Shank (1999) daree lakkoofsi barataa xiqqoon jirutti barsiisuun, malleen baruu barsiisuu adda addaa hojiirra oolchuuf barattoota hirmaachisuuf, hirmaannaa tokkoon tokkoon barattootaa madaaluuf dandeessisuu isaa lafa kaaheera.

Guca mirkaneeffannaa daawwannaa gaaffii 1.7.irratti qorataan daree seenuun gaggeesseenis, barsiisaan gaaffilee garagaraa akka deebisaaniif carraa barattootaaf kennuurra ofuma isaa kan deebisu tahuun hubatameera. Haa ta'u malee, barattoonni rakkoo tokko hiikuuf yoo walgargaaru tahe walitti dhufeenya gaarii walii isaanii gidduuttii uumuun kaka'umsa barachuu horatu.Yaada kana cimsuun, Richards and Rodgers (2001) dhiyaannaa walgargaarsaan barachuu keessatti, barattootni cimdiifi garee xixxiqoon tahuun waan hojjetaniif,barattoonni harka caaluu gochaalee walgargaarsaan hojjetu jechuun ibsu. Akkasumas, gaaffii guca mirkaneeffannaa daawwannaa 1.6.fi 2.2.irratti qorataan adeemsiseen, barsiisaan tokkoon tokkoon barataaf gahee kan hin kennineefi garee keessatti barattootni walqixa hirmaachuu isaanii kan sirriitti hin hordofne yoo ta'u, kun immoo dandeettii isaanii tokko tokkoon akka hin beekne isaan taasiseera. Haa ta'u malee, mala baruu barsiisuu marii gareen afaan barsiisuu keessatti, hirmaannaa barattootaa haala qixa sirrii taheen adeemsiisuun barnoota karoorfame miilkeessuuf, dandeettiin barataa tokko tokkoon siriitti beekamuu qaba.Yaada kana mirkaneessuuf, qorataan guca mirkaneeffannaa daawwannaa gaaffii 1.4.fi 2.3.daree seenuun taasiseen, barnoonni kennamuun dura kaka'umsi barsiisaan godhu, yaada barattootaa gara tokkotti kan walitti sassaabuufi fedhiin akka hirmaatan kan isaan sissi'eessuudha. Haa ta'uyyuu malee, barsiisaan barnoota dura barattootaaf kaka'umsa kan hin goonefi barattootnis hojiilee garagaraa daree keessattii kennamuuf irratti kaka'umsa kan hin qabne tahuu hubatama. Guca mirkaneeffannaa daawwannaa gaaffii, 1.5.irratti qorataan adeemsiseen, gochaalee adda addaarratti barattoota hirmaachisuuf, barsiisaan xiyyeeffannoo itti kennuun, haala kan hin miijessine ta'uu isaati. Haa ta'u malee, mala baruuf barsiisuu marii gareen afaan barsiisuu keessatti hirmaannaan barattootaafi hojiin garee jiraachuun galma ga'insa isaaf bakka guddaa

qabu. Kunis fedhii barattootni barnootaaf qaban akka dabalu gochuun ofitti amanamummaa dabala.Yaada kana,Chet et al (1993) yoo ibsan, malli barataa giddugaleessaa godhate barattootni gaaffilee deebisuuf waan hirmaataniif hubannoo gaarii akka argataniifi waan haaraa akka uumaniif isaan akka gargaaru lafa kaaheera. Kanatti dabaluun, Brand (2003) yoo ibsu, mala barataa giddugaleessaa godhate keessatti, hirmaannaan barattootaa guddaa waan ta'eef, si'aa'inaan akka hordofan isaan godha jedha. Gama biraatiin guca mirkaneeffannaa daawwannaa gaaffii 2.1.irratti qorataan adeemsiseen, mala marii gareen afaan barsisuu keessatti, mariin garee bakka guddaa haaqabatuyyuu malee, sababa rakkoolee garagaraatirraa kan ka'e, barattootni yeroo baay'ee gareedhaan kan hin mari'anne ta'uun hubatameera. Yaada kana hayyoonni akkas jechuun ibsu. Malli dhiyaannaa barataa giddugaleessa godhate irra caalaa gareedhaan mari'atanii akka hojjetaniif carraa waan kennuuf adeemsa barachuu keessatti gahee guddaa akka qabudha. (Bonwell and Elison 2003). Kanaafuu akka waliigalaatti barattootaaf barsiisaan gahee kennuu dhabuun hirmaanna barattootaafi kaka'uumsi isaan marii gareen afaan barachuuf qaban xiyyeffanoo keessa galuu dhabuu isaa nuhubachiisa. Haata'u malee mariin garee barattoota afaan barsiisuudhaaf bu'aa olaanaa akka qabu hayyoonni garagaraallee ibsaniiru.

## 4.4. Mala Marii Gareen Afaan Barsiisuun Hojiirra Akka Hin Ollee Wantoota Gufuu Ta'an.

Mala marii gareen afaan barsiisuun hojiirra akka hin oolleef wantoota gufuu ta'an ilaalchisee, afgaaffii barsiisota Afaan Oromoo mana barumsa Alaltuu sadarkaa 2ffaa kutaa 9ffaafi bargaaffii banaa barattootaa, daawwannaa dareefi sakatta'a kitaaba Afaan Oromoofi qajeelcha barsiisaafi silabasii kutaa 9ffaa irratti qorataan godhe, armaan gaditti xiinxalameera.

### 4.4.1. Qaaccessa Daawwannaa Haala Daree Barnootaan Walqabatee

Mala baruu barsiisuu kamiyyuu keessatti xiyyeeffannoon itti kennamuu kan qabu keessaa tokko, haala daree barnootaati. Haala daree barnootaa yemmuu jedhamu, miijatummaa daree, teessoo, ifa dareefi qilleensa gahaa qabaachuu ilaalata. Qorataan, daawwannaa daree seenuun taasiseen, waan arge bifa akkamtaan armaan gaditti kaa'ameera. Guca mirkaneeffannaa daawwannaa gaaffii 3ffaa jalatti, gaaffiileen tarraa'an yaadaan waan walfakkataniif, bakka tokkotti haala kanaa gadiin xiinxalamaniiru. Dareewwaan qorataan daawwannaa irratti taasiise hundi, teessoon isaanii dalgee kan barataan sadii akka irra taa'uuf hojjetame ta'ee, sababa baay'ina barattootaan

teessoon dalgee kun darbee darbee barattootni afur akka irra taa'aniif kan dirqama itti ta'edha. Kunis, yeroo hojii gareefi marii adda addaa barattoonni akka hojjetan barsiisaan ajaju, bakka tokkoorraa bakka biraatti akka fedhanitti socho'anii hojjeechuuf, kan isaan rakkisuudha. Teessoowwan kunis, kan irratti barreessuuf tajaajilan (table) waliin waan walqabataniif, caalaatti sochii asiif achiif danqaa ta'u. Kun kan nutti agrsiisu, teessoowwan jiran bifa geengoo uumuun garee hojjechuuf kan miijatan miti. Tarreeffamanii teessoowwaniis, fuulduraa gara duubatti, bakkaa afuriin tartiibaan kan hiriiranidha. Barsiisaan, hojii garees ta'e cimdii kennee, akka mari'atan ajajus, marii tokkoon tokkoon garee keessa deemee ilaaluuf ykn to'achuuf teessoowwan gidduu bakkii daddarbuuf miijataan hin jiru. Kun immoo, milkaa'ina mala baruuf barsiisuu marii gareen afaan barsiisuuf haala barbaadameen hojiirra akka hin oolleef, gufuu ta'eera. Yaada kana ilaalchisee, Farrant (1980) akka ibsitetti, dhiyaannaa mala marii gareen afaan barsiisuu keessatti, barattootni akka barbaadanitti ofirra naanna'aa kan irra taa'aniifi hojii cimdiis ta'e hojii garee keessatti gara miijateefiitti akka socho'aniif teessoowwan bakkaa bakkatti socho'an jiraachuu qabu. Kun jiraachuu baannan, adeemsa mala baruuf barsiisuu marii gareen afaan barsiisuu irratti gufuu ta'uu danda'a.

Gaaffii daawwannaa oliin walqabatee, dareewwan barnootaa haala qabatama barattoota amma jiraniin walbira qabamanii yemmuu ilaalaman, rakkoo guddaatu mul'ata. Sababbiin isaa baay'inni barattootaa yeroo yerootti kan dabalu waan ta'eef, dareewwan jiran keessa barattoota baay'eetu mul'ata. Baay'ina isaaniirraa kan ka'e barattootni daree keessatti walitti dhiphisanii taa'u. Kanaaf, bal'inni daree barnootaafi baay'inni barattootaa kan walsimu miti. Kun immoo, barattoonni barnoota isaanii seeraan akka hin hordofne dhiibbaa irraan gaha. Fakkeenyaaf teessoo nama sadii akka qabatuuf hojjetameerratti afur ta'anii yemmuu taa'an, barataan afraffaarra jiru yaadannoo adda addaa barsiisaan kennamu kan barreessu dabtara isaa jilba isaarra kaahuuni. Kun immoo, hubannoo barataa barumsarraa salphaatti hatuu danda'a.

Gaaffiidhuma kana jalatti, kaka'umsaafi fedhii barnootaa, barattootatti keessatti horuuf, dareen barnootichaa ifaafi qilleensa gaarii argachuu qaba. Haala kana ilaaluuf, qorataan yemmuu dareewwaan kana daawwatetti, dareewwan barnootichaa foddaan isaa daawitiidhaan waan haguggamaniif, ifni gahaan kan jiru yoo ta'u, baay'ina barattootaa humnaa ol daree keessa jiran irraa kan ka'e, qilleensi daree keessaa ukkamamaafi foolii gaarii kan hinqabnedha. Keesuumaayyuu, yeroo dabaree sa'aa boodaa haalli kun waan hammaatuuf, barsiisaan fedhiifi kaka'umsaan barattoota hordofee barsiisuurra, balbalattii siiqee dhaabachuun barsiisuu filata.

Haalota kanarratti hundaa'uun, qorataan, haalli qilleensa daree keessaa miijataa ta'e kan hin jirree ta'uu hubatee jira. Kun immoo, barsiisaarrattis ta'e, barataarratti dhiibbaa waan qabuuf, barnoota isaanii mala hirmaachisaa ta'etti fayyadamuun akka hin barsiisneefi hin baranne gufuu itti ta'uu danda'a. Yaada kana immoo, Moore (2001) yoo ibsu, mala barataa giddugaleessa godhate hojiirra oolchuuf, bakki miijataafi haalli qilleensaa gaarii ta'e jiraachuu akka qabu ni hima

### 4.4.2. Qaacceessa Meeshaalee Deeggarsa Barnootaan Walqabatee

Meeshaaleen deeggarsaa, barnootaa kennamutti lubbuu horuun barnoota qabatamaa taasisu. Barattootni, waan baratan akka hin daganneef gargaara. Haa ta'u malee, guca mirkaneeffannaa daawwannaa 4.1.keessatttti, meeshaaleen deeggarsa barnootaa kan akka fakkiilee, chaartiiwwanii, poostarootnifi moodeeloonni keenyaa irratti maxxanfamanii jiruu? Kan jedhuuf, meeshaaleen kun keenyan irratti maxxanfamanii kan hin argamnedha. Kutaan mana yaalii moodeelonni garagaraa keessa jiraachuu qabus hinjiru. Akkasumas, guca mirkaneeffannaa daawwannaa 4.2.keessatti, barsiisaan kitaaba barnootaan alatti meeshaalee deeggarsaa barnootaa daree keessatti fayyadamee barsiisaa? Kan jedhuuf, barsiisaan meeshaaleen deeggarsaa inni fayyadamee barsiise tokkolee kan hin jirre ta'uusaa, daawwannaa irraa hubatameera. Afaan barsiisuu keessatti, meeshaaleen deeggarsa barnootaa barsiisaanis ta'e barataan yookiin immoo mana barumsaatiin qophaa'ee otoo jiraatee, qalbii barattootaa gara dhimma baratanitti luuccessuuf, akkasumas, akka salphaatti hubatan taasisuu danda'a. Haa ta'uyyuu malee, barsiisonni meeshaalee deeggarsa barnootaa daree keessatti fayyadaman hin jiran. Kun immoo mala marii gareen afaan barsiisuu hojiirra akka hin oolle gufuu ta'uu danda'a.

Gaaffii guca mirkaneeffannaa 4.3.irratti caqasame, raabsaa kitaaba barnootaa ilaalchisee daawwannaa qorataan daree seenuun taasiseen, kitaabni barataa barattoota hundaaf kan walhin geenye ta'uu hubatameera. Kitaabileen gosa barnootaa barattoonni baratanii, lakkofsa barataan walsiman haa jiraataniyyuu malee, kitaabni Afaan Oromoofi kanneen biro kan lakkoofsa barataa waliin walhinsimnes jiru. Kitaabilee lakkoofsaan xiqqoo ta'anis, hanguma isaan gahee, carraadhaan kan argatan yoo tahu, sababa barattoonni hundi fidanii hin dhufneef, daree keessatti kitaaba barnootaa fayyadamanii adeemsa baruuf barsiisuu adeemsisuuf, rakkisaa ta'uun daawwannaarraa hubatameera. Yaada kanarraa wanti hubannuu, sababa hanqina kitaaba barataatiin, barattoonni heedduun hojii manaa, hojii daree, hojii cimdiifi hojii garee, akkasumas,

haala qabatama naannoo isaaniirratti hundaa'anii gilgaalota kitaabarraa hojjechuuf rakkisaa akka tahedha.

Gaaffileefi yaadota olii meeshaalee deeggarsaa waliin walqabatee irratti. Farrant (1980) yoo ibsu, kitaabileen barnootaa, baay'ina barattootaa waliin walsimuu dhabuun, fakkiileen, poostaroonni, chaartonni fi kkf dhabamuun, hojiirra oolmaa mala barataa giddugaleessa godhate irratti gufuu ta'uu akka danda'an kaaheera.

### 4.4.3. Sakatta'a Meeshaalee Sirna Barnootaan Walqabate Ilaalchisee.

Kitaabni barataa Afaan Oromoo, qajeelcha barsiisaa kutaa 9ffaafi silabasii mala baruu barsiisuu marii gareetiin barattoota afaan barsiisuuf mijatoo ta'uu isaaniifi gilgaaloonni kitaabicha keessa jiranis mala kanaan barattoonni si'aa'inaan barnoota afaanii akka baratan kan affeeraniidha. Akkasumas maleen baruu barsiisuu kanneen biro kan akka falmii, odibsaafi mala gaaffiif deebitti dhimma nibaha. Haata'u malee wayitiin kitaabichi barattoonni akka mala kanaan barataniif qaleelcha barsiisaafi silabasii irratti kaa'eefi wayitiin barnootichaaf ramadamee jiru wal hin simu. Kanaaf hanqina yeroo irraa kan ka'e barattoonni mala kanatti qixa sirrii ta'een dhimma akka hinbaane ta'eera. Asirraa wanti hubannu mala marii gareetti dhimma bahuun afaan barsiisuuf wayitiin barnootaa kennameefi qajeelcha barsiisaa irratti kaa'ame walsimuu akka qabu nuhubachiisa.

### 4.4.4. Qaaccessa Afgaaffii Barsiisoota Gufuuwwan Marii Gareen Afaan Barsiisuuf Furmaata Eeruu

Mala marii garee fayyadamanii afaan akka hin barsiisneef wantoonni gufuu itti ta'an baay'een akka jiran, afgaaffii, sakatta'a kitaaba Afaan Oromoo, qajeelcha barsiisaa kutaa 9ffaafi silabasii kutaa 9ffaa irraa hubachuun danda'ameera.

Afgaaffii 4ffaa irratti barsiisotaaf dhiyaate, rakkoolee mala baruu barsiisuu marii gareen afaan barsiisuun, akka hojiirra hin oolleef gufuu sinitti ta'an maali jettanii yaaddu? Jedhuuf, yaadni barsiisonni kennan haala gadiin kaahameera. Deebii, akkamitti isa jedhuuf, sababni dhiyeessaan, tokkoffaan, warroonni sirna barnootaa qopheessaniifi warri siilabasii qopheessan, malli kun hojiirra akka oolu yoo barbaadan, sagantaan barumsa barsiisamuuf kennamuufi qabiyyeen kitaaba barnootaa, akkasumas, baay'ina barattoota daree keessaa yoo wal simedha. Yoo kun sirraa'e, barsiisaniis waan isarraa eegamu raawwachuun gufuu kana dhabamsiisuu danda'a. Lammaffaan, mootummaan manneen barnootaa hundaaf otoo gargaarsa isaan barbaachisu

godhee, rakkoo kana dhabamsiisuun akka danda'amu ibsaniiru. Kana jechuun, fakkeenyaaf, barataan dhuunfaatti kitaaba akka argatuuf rabsaan kitaabaa sirriitti hojjechuu qaba. Dareen barnootaa baay'inaan otoo ijaaramee, barattoonni walitti dhiphatanii hintaahaan. Kanaaf, malli kun hojiirra akka ooluu yoo barbaadame mootummaan sirriitti itti yaaduu akka qabu ibsaniiru. Barsiisonni hanga tokko salphisuun danda'ama jedhan immoo sababni dhiyeessan, tokkooffaa, barsiisaan barnoota idileen ala (make up) waamuun, kutaa laaboraatorii fayyadamee hanga tokko shaakalsiisuu danda'a. Maaliif yoo jenne, kutaan kun hojii garee adda addaaf teessoo miijataa qaba. Barsiisaanis, yeroo gahaa argatee, waan hojjechuu barbaadde hojjeta. Mala baruuf barsiisuu marii gareen afaan barsiisuun guutummaa guutuutti fayyadamuun uulfaataa ta'ullee, saayinsii isaallee tahu hanga tokko hubachaa yoo deeman, gara fuulduraatti carraa miijataa mala kana itti fayyadaman yoo argatan, hojiirra oolmaan isaa isaan hin rakkisu. Lammaffaa, hunda dura barattootni barumsaaf fedhii qabaachuu qabu. Akkuma barattoonni tokko tokko barachuuf fedhii qabaatanii dhufan, kanneen yeroo dabarsuuf dhufanis jiraachuu isaanii argina. As keessatti, qaamni dhimmi kun ilaalu waliin socho'uun dirqama. Isaanis: mootummaan barsiisaaf waan barbaachisu guutuun hojii isaaf fedhii akka qabaatu gochuu, barsiisaan barattoota gorsuun fedhii barnootaa keessa isaaniitti uumuun, dirqama barumsaa isarraa eegamu gochuu, barataan bu'aa barnootaatti amanee kaayyoo isaa bakkaan gahuuf, barnoota isaatti cimuu, waajjirri barnootaa meeshaalee barnootaa barbaachisoo tahan dhiyeessuufi maatiin barattootaa ijoollee isaanii sirriitti hordofuun gorsuu. Qaamonni kun hunduu harka walqabatanii kan socho'an yoo ta'e, mala marii gareetti fayyadamanii barsiisuun salphachuu danda'a.Yaada afgaaffii barsiisota kanarraa wanti hubatamuu danda'u, mala baruu barsiisuu marii gareen afaan barsiisuun, akka inni hojiirra hin oollee wantoota gufuu ta'an dhabamsiisuun haalota rakkisoo baay'ee keessa darbuufi yeroo dheeraa haafudhatuyyuu malee,qaamoleen dhimmi kun isaan ilaalatu hundi itti gaafatamuummaafi xiyyeeffannoodhaan yoo hojjetan dhabamsiisuun akka danda'amudha.

### 4.4.5. Qaaccessa Bargaaffii Gufuuwwan Marii Gareen Afaan Barsiisuuf Furmaata Eeruu

Bargaaffii banaa gaaffii 3ffaa barattootaaf dhiyaate, mala baruu barsiisuu marii gareen afaan barachuuf maaltu ta'uu qaba jettanii amantu? Isa jedhuuf, yaadni odeefkennitoota irraa funaaname, akkamtaan haala armaan gadiin xiinxalameera.

Barataan tokko barnoota isaa haala qabatamaafi bu'aa qabeessaan barachuuf, fedhiin barataa hundi guutamuufi akka qabu ibsaniiru. Kana jalatti, qabxiileen barattootni kaasan: Barsiisaa hordofuun sirritti akka hin barannee kan nu taasisu keessaa tokko, hanqina kitaabaati. Kanaaf

kitaaba malee barachuun waan hin danda’amneef, qaamni dhimmi kun ilaallatu kitaabaa barataaf walgeessisuu qaba. Daree barnootaa dhiphaa keessatti teessoon jiru lakkoofsa barataan kan wal hingitnefi miijataa hin taane waan taheef haalli itti sirreeffamu jiraachuu qaba. Wayitiin barnootaa kanaaf kenname, jalqabumayyuu gahaa miti. Kanaaf, barsiisaan wayitii barnootaa irraa daqiiqaawwaan otoo hin gubiiniifi dhumarrattis osoo hin dhiisiin seeraan itti fayyadamuu qaba. Wayitii barnootaa gubate bakka buusuuf, yookiin immoo qabiyyee kitaabaa xumuruuf jecha, barsiisonni yeroo baay’ee barnoota idileen alaa (make up) waamu. Kun immoo, achumaan itti fufanii barnoota idilee barachuuf waan ulfaatuuf, barnoota idileen alaa kana barsiisuun baay’achuu hin qabu. Barattootni mana barumsaa Amaariffaa irraa dhufan, dandeettiiwwan afaanii afran irratti rakkoo waan qabaniif, barattoota kanneen biro waliin tarkaanfachuun rakkisaa ta’a. Kanaaf, barattoota kana, barattoota kaaniin qabiyyee barnoota walqixa hubachiisuuf, gargaarsi barbaachisu godhamuufii qaba. Yaaduma kana hayyuun takka yoo ibsitu gareedhaan barachuun si'aa'inaan barnoota hordofuu, hubannoo cimsachuufi beekumsaafi dandeettii horachuudha. Hojiin garee sirriitti yoo karoorfameefi qindaa'e sochii si'aa'inaan barachuu (active learning) keessatti meeshaa guddaa akka ta'eefi barattoota hundaaf carraa akka kennu Cohen (1972: 1) niibsiti.

Walumaagalatti, mala baruu barsiisuu marii gareetti fayyadamanii afaan barsiisuuf, kanneen gufuu tahaniif yaadoleen furmaataa tarreeffamaniiru. Haa tahu malee, haala qabatama biyyattii waliin walqabsiisnee yoo ilaalle, dhiyaannaa kana haala barbaadameen hojiirra oolchuun dadhabamus, hanga tokko shaakalsiisuun akka danda’amudha.

# BOQONNAA SHAN: CUUNFAAFI YABOO

## 5.1. CUUNFAA

Boqonnaa kana keessatti wantoonni ibsaman yaada cuunfaa qorannoo, yaboo fi argannoo qorannichaati. Kaayyoon gooroo qorannoo kanaa: mala marii gareetiin afaan barsiisuu haala barattooota mana barumsa sadarkaa lammaffaa Alaltuu kutaa 9ffaa xinxaaluudha. Kaayyoon

gooree qorannoo kanaa: Tooftaan marii gareen afaan barsiisuu hangam silabasiifi qajeelcha barsiisaa keessatti akka  dhiyaatu ibsuu, barsiisaan daree keessatti hangam marii gareetti fayyadame akka barsiisu addeessuu, haalli marii gareen barsiisuu kutaa keessatti maal akka fakkaatu ibsuufi dhimmota mala marii gareetiin afaan baruuf barsiisuutti gufuu ta'aniif furmaata eeruudha. Dabalataaniis mala qorannoo makaatti dhimma bahuun ragaaleen qorannoo kanaa funaanamuun qaacceeffamaniiru.Akkasumas dhumarratti argannoofi yaboon qorannoo kanaa haaala armaan gadiitiin taa'ee jira.

## 5.2. Argannoo

Mana barumsa Alaltuu sadarakaa lammaffaa keessatti kutaa 9ffaa daree saddeetan jiran hundarratti, qorannoon irratti adeemsifameera. Barsiisonni Afaan Oromoo afuriifi barattoonni Afaan Oromoo baratan dhibba tokkoofi afurtamii afur qorannoo kana keessatti kan hammataman yoo ta'u, meeshaalee odeeffannoon ittiin funaanamu keessaa, afgaaffii, bargaaffii, daawwannaa dareettifi sakatta'a dokumanttii fayyadamuun, bu'aa argamerratti hundaa'uun argannoowwaan gadiirra gahameera.

- Barsiisonni mana barumsichaa, dhiyaannaa mala baruu barsiisuu marii gareen afaan barsiisuu irratti, waan irraa eegamu hin hojjenne. Kana jechuun, barattoota isaaniif mataduree barnootichaa haabeeksisaniyyuu malee, kaayyoo barnootichaa hin ibsine. Akkasumas, barattootni barnoota dura kaka'umsa akka qabaatan hin goone. Irra caalaa malli itti fayyadamanii barsiisaniis, mala barsiisa gidduugaleessa godhatedha.
- Mana barumsichatti, wayitii barnootaa Afaan Oromootti barattootni marii gareen yommuu mari'atan, miseensi garee sanaa hundi hin hirmaatan. Gaaffilee kan gaafatanis ta'e kan deebisan, barattoota ciccimoofi yaada isaanii bilisaan ibsachuu danda'an qofa.
- Barsiisotaafi barattootaa mana barumsichaaf, waa'ee mala baruu barsiisuu marii gareen afaan barsiisuu irratti leenjiin hin kennamneefi.
- Qabiyyeen silabasii, qajeelchaa barsiisaafi kitaaba barataa barnoota Afaan Oromoo kutaa 9ffaa, wayitii barnootichaaf kenname wajjiin kan wal hinsimnedha.
- Mana barumsichaatti, daree barnootaa keessatti, qilleensi yookan foolii gaariin kan hin jirre, dhiphinni daree kan mul'atuufi teessoon miijataa ta'e kan hin jirredha.

- Mana barumsichaatti, barsiisonni yeroo hojii garee kennaan, tokkoon tokkoon barattootaaf gahee hinkennan, hin hordofanis. Akkasumas, barattoota Afaan Oromoo hin dandeenyeef gargaarsi kan hin godhamneef ta'uusaa.
- Barsiisonni mana barumsichaa, meeshaalee deeggarsa barnootaa kan hin qopheesineefi kan itti hin fayyadamne ta'uusaa.
- Adeemsa baruuf barsiisuu qabatamaa taasisuuf, qaamni ilaallatu hundi, wanta irraa eegamu hin baane.

## 5.2. Yaboo

Argannoowwaan olitti ibsaman yoo ilaalle barnoota Afaan Oromoo keessatti dhiyaannaa mala barataa gidduugaleessa godhate hojiirra oolmaan isaa haala gaarii irra akka hinjirre himuun ni danda'ama. Haa ta'uyyuu malee dhiyaannaan mala baruu barsiisuu marii gareen afaan barsiisuu barnoota afaaniif barbaachisummaan isaa guddaa waan ta'eef, haala amma irra jirurraa fooyya'ee sadarkaa gaarii ta'e tokko akka qabaatu itti amanama. Kaanafuu, kanatti aansuun rakkoolee kanaaf furmaata gaarii ta'u jedhamanii kan itti amanaman haala gadiin kaa'amaniiru.

- Dhiyaannaa mala baruuf barsiisuu marii garee barataa giddugaleessa godhate keessatti, gaheen guddaan barattootaaf bakka itti kennamudha. Barnoota isaanii keessatti, adda durummaan yeroo hirmaatanis, itti gaafatamummaa fudhatu. Kanaafuu, barsiisaan barattootni waan barataniifi shaakalan akka filatan, akkasumas, kaka'umsa uumuun mala barataa giddugaleessa godhatetti fayyadamuuniifi dandeettiiwan afaanii afran karaa itti guddifachuu danda'an haalli miijachuufii qaba.
- Qophiin kitaabaa barataa, sirna barnootaa bu'uura taasifachuun, odeeffannoofi hubannoo garagaraa dhiyeessa. Akkasumas, akka barsiisaan malleen baruufi barsiisuu garagaraa walsimsiisuun barsiisuufi siilabasiin, qajeelchi barsiisaafi kitaabni barataa akkamitti hojiirra akka ooluu, haala itti fayyadama yeroo, wayitiidhaan qoqqoodee kan qajeelchudha. Haa ta'uyyuu malee qabiyyeen kitaaba barataafi qajeelchi barsiisaa, haala immamatichaan wayiitii barnootichaaf qophaa'e waliin akka walsimuuf qaamootni kitaaba qopheessaan ilaalcha keessaa galchuu qabu. Akkasumas, malli hirmaachisaa tahe kun hojiirraa akka ooluuf B.B.O barattootaafi barsiisotaaf leenjii kennuu qaba.
- Miija'ummaan daree barnootaa, barattootni si'aa'inaan akka hirmaataan gahee guddaa qaba. Yeroo adda addaatti garee addaa addaa uumuuf bakkaa bakkatti socho'uuf,

barattootni fuuleetti wal ilaalaa yaada isaanii waljijjiiruuf, halli qileensaa, baay'inni barattootafi teessoon barnootaaf miijataa ta'e akka jiraatuuf, bulchiinsi mana barumsaafi gamtaan maatii irratti hojjechuu qaba.

- Hojiin garee bu'aa qabeessaa kan ta'u, barattoonni haala walfakkataan yoo hirmaatanidha. Barsiisaniis kana hubatee, yeroo hojii garee kennu, tokkoon tokkoon barattootaaf, gahee isaanii kennuuniifi gahee kennameef bahuu isaanii hordofuu qaba.
- Meeshaaleen deeggarsa barnootaa, barnoota qabatamaa taasisuufi qalbii barattootaa xiyyeeffannoo keessaa galchuuf iddoo guuddaa waan qabaniif, barsiisaan meeshaalee deeggarsaa kana qopheessuun itti fayyadamuu qaba.
- Faayidaa mala kanaa hubachuun, manni barumsaa, barsiisaan, barataaniifi maatiin waan irraa eegamu gochuu qabu.
- Adeemsa baruuf barsiisuu qabatamaa taasisuuf, meeshaalee barnootaaf barbaachisan guutuun murteessaadha. Kanaaf, qaamni ilaallatu kana hubachuun, meeshaalee barnootaa garagaraa qopheessuun, barnoota qabatamaa akka taasisan kan jedhu yaadni furmaataa kan dhiyaate ta'us, yaadolee furmaataa olitti dhiyaatan rakkoolee dhiyaataniif furmaatni kennan gahaa waan hin taaneef, wajjirri barnootaa, BBLG,GMB, manni barumsaafi barsiisonni yaadolee furmaataa ta'an, haala qabatama jiru wajjiin fayyadamuu akka qaban amanama.

# wabiilee


Addunyaa Barkkeessaa. (2011). **Akkamtaa, Yaadrimee Qorannoo Hujoo Afaan Oromoo** Keessatti, Finfinnee: Efficiency printing press.

Atkins, J. et al. (1998). **Skills Development Methodology. Part II** Addis Ababaa: Addis Ababaa university press.

Burnard, S. (1999). **Transformational Teaching the Key to Authentic School Improvement**. Linclon: Discovery Learning Institute.

Beebe, S. A. and Masterson, J. (1986). **Communicating in Small Groups Prenciples and practices**. ($2^{nd}$ ed.)USA: Scott,Foresman and company.

Bonwell, C. and Elison, A. (2003). **Active Learning Creating Excitement in The Classroom**. Rhen: Grips

Brand, H. ( 2000).**Teachers Centered Institution vs Student Centered Institution**.Armuchee High School.Newyork.American Government Schools.

Brumfit, C. (1979). **Communicative Methodology in Language Teaching**. Cambridge: Cambridge Univesity press.

Byrne, D. (1991). **Teaching writing skills**. Newyork. Longman.

Chet, et, al. (1993).**Promoting Active Learning Strategies for The College Classroom**. Sanfransisco.Jossey Base 14.

Chowdhruy, A. and Chowdhruy, R. (2002) **Preschool Children Development Care and Education**. New Delhi: New Age International publisher.

Cohen, E. G. (1979) **Designing Group Work: Stratagies for the Heterogeneous Class room**. New York: Teachers College Press.

Creswell, J. (2009).**Research Design.Qualitative and Mixed Research Methods Approches** (3rded).Thous and Calif: Sage Publication.

Cruick, Shank. (1999).**The Act of Teaching**.Boston: Mc Graw Hill Companies, Inc.

Dastaa Dassaalany, (2002). **Bu'uuraalee Qorannoo**, Finfinnee dhaabbata maxxansaa.

Dastaa Dassaalany, (2013). **Bu'uura Qorannoo,** Far East Trading Plc

Davis, B. G.(1993) **Collaborative Learning: Group Work and Study Teams**. San Francisco: Jossey Bass Publishers.

Ellis, R. (1994) **The Study of Language Acuquisition** Oxford: Oxford Univesity Press.

Farrant, J.S. (1980).**Principles and Practice of Education**.New Edition.Longman: Longman Group Ltd.

Freeman, D. L. (2000) . **Teechincs and Principles in Language Teaching** (2nd ed).Oxford: Oxford University press.

Girma Gezahegn. (2003**). In- service Language Teacher's perception of the facters that Influence the inplimentation of Group Work**. EJE vol.23, No. 2, Addis Ababa: Inistitute of Educational Research.

Hall, D. and Birkerts, S. (1991). **Writing well** (7thed.). Harper Collins Publishers.

Heffernan, H and Todd, E. (1960). **The kindergarten Teacher**. Bosten:Health and company.

ICDR. (1999).**Teachers Education Hand Book**.Addis Abeba: Finfinne Printing. Doyel, T. (2008). Helping Student Learning in a Learner-centered Environment. Virginia: Stylus Publishing, LLC.

Jacobs, G. (1988). **"Cooperative Goal Structure: A Way to Improve Group Activities." ELT Journal**.vol.42, NO. 2, 97-100.

Jolliffe, W. (2007**). Cooperative Learning in the Classroom**: Putting it into Practice. London: Paul Chapman Publishing.

Kaye, and Rogers. (1968) **Group Work in secondary Schools and the Traning of teachers in its Methods.** London: Oxford Universiy press.

Konopka, G. (1963). **Social Group Work: A Helping Process**. USA: Prentic. Hall, inc.

Konopka,(1965). **Therapeutic Group Work With Children**.USA: University of Mennesota Press.

Long, M.H. and porter P.A. (1985) "**Group Work Interlanguage Talk,and Second Language acquisition," TESOL Quarterly**, Vol.19,No.2.

Lue, E. (1998). **"Understanding the concept of Curriculum"** The Basis of Improving Quality BESO, Project Addis Ababa. Ethiopia (unpublished)

Maier, H.W. (1965) **Group Work as Patr of Residential Treatment** (ed). New York : National Association of Social Workers.

McDonough,J. and Shaw,C.(1994) **Materials and Methods in ELT: A Teachers Guide**. Great Britain: Blackwell publishers.

McTavish, D.and Loether, H. (1999) **Social Research**. Addision: Wesley Educational Publisher, Inc.

Misgaanuu Gulummaa, (2011).**Kattaa: Ogummaa Barreessuu**. Finfinnee, Efficient printing press

Moore, K. (2001).**Classroom Teaching Skills**.Newyork: Mc Graw Hill. Moore, R. and Moore,

Moore. (2004). **Active Teaching and Learning Strategies**: Creating a Blue Print for Success. Victoria: Trafford Publishing.

Morgenstern, A. (1966**) Grouping in the Elementary School** (ed). New York: Pitman publishing Corporation.

MSW Levine, B.(1967) **Fundamental of Group Treatment**.USA: Whitchall Company.

Nachmias, D.Nachmias, C. (1987).**Research Methods in the Social Sciences**.USA:St, Martin's Press Inc.

Nation, P.(1994) **Group Work and Language Learning**: Selected Articles from the English Teaching forum (ed). Washington D.C. : United States Information Agency,

NEK- International Consultancy. (1999), **Teachers Educaton Handbook**: Institute For

Currculum Devlopment and Research, Minstry of Education: Addis Ababa

Nunan, D. (1988). **Learner Centered Curriculum**. Cambridge Univeristy Press.

Opwis, K and Spada, J. (1994).**Problem Solving and Learning Computer Modeling**.The Internationa Encyclopedia of Education.(2nd ed)Vol.18 Elsevier Science Inc.

Oromia Educatin Bureau. (2006). **"Educational Statistics Annual Abstract**," (Unpublished).

Pollard, A. (2002). **Reflective Teaching: Effective and Evidence-informed Professional Practice**. London: Biddles Ltd.

Pounds.R. L.and Garretsen, R. L. (1996). **Principles of Modern Education**. New York: The Macmillan Company.

Reed, A. J and Bergemann, V.E. (1995).**In The Classroom: An Introduction to Education**. (2nded)North Carolina, Asheville: DPG Inc.

Richards, J. and Rodgers, C. (2001). **Approaches and Methods in Teaching Foreign Language.** Cambridge: CUP.

Richards, J. and Renandy, W. (2002). **Methodology in Language Teaching**: An Anthology of Current Practice. Cambridge: Cambridge University Press.

Rolheiser, C. and Stevahn, L. (2011). **The Role of Staff Developers in Promoting Effective Teacher Decision**-Making. Learning and Cognition in Education. Oxford: Elsevier Ltd.

Sharma, R. A. (2000). **Fundamental of Educatinal Research**. Meerut: New Agarwal Offset Printig Press.

Sherif, M. and Sherif, C.W. (1996**). Group in Harmony and Tension**: An Integration of Studies on Intergroup Relations. New York: Oktagon Books. INC.

Silberman, M. (1994). **Active Learning: 101 Strategies To Teach Any Subject**.Boston: Ally and Bacon.

Smith, R. (2004**). Student Centered Learning.** (File://A:Student Centered % 20 learning. htm)

Temesgen Yadata. (2006). **"The Policy and Practicen of Preschool Education in Oromia Regional State**: The Case of Jimma Zone Kindergartens." (Unpublished M.A. Thesis). Addis Ababa: Addis Ababa Univarsity.

Tudor, I. (1996).**Learner Centerdness as a Language Education**.Cambridge:CUP. Classroom.

Wasyihun Alamirew, (2006**). "The Implementation of Student Centered of Teching InSecondary Schools of Mene Sibu Woreda"**Addis Abeba Univeristy (Unpublished)

Zewude Tibebu. (2005**) "InThe Implementation of Student Centered Methods TheAnalysis of Student Related Problems in Jimma Zone Seto Semaro School."**Jimma Univeristy (Unpublished)

Zoltan Dornyei, (2007).**Research Methods In Applied Linguistics**: Quantitative, Qualitative

አብዱራህማን ሚህመድ፡ ፡ (1983)፡ ፡ **ማምህሩና ስራው**፡ ፡ አዲስ አበባ ፣ ት.ሙ.ሚ.ሚ.ድርጅት ፡ ፡

ኤልያስ አድማሱ፡፡ (1997)፡፡ ‹‹ **በኦሮሚያ ማሠልጠኛ ኮሌጆች ውስጥ ማስረታዊ አማርኛ የሚያስተምሩ ማሠልጠኛ የተማሪ ተኮር አቀራረብ የክፍል ውስጥ አተገባበር ፍተሻ፡፡** ›› ያልታተመ፡

ያለውእንዳወቀ፡፡ (1998)፡፡ **የምርምር ማስረታዊ መርህዎች እና አተገባበር** ፡፡ አዲስ አበባ ፣ አልፋ አሳታሚዎች፡፡

ደበሱ አስረስ፡፡ (1990)፡፡ ‹‹ **የማስለጠኛ ዘዴዎች በስልጠና ማኑዋል የማሠልጠኛና የትምህርት ባለሙያዎች ስልጠና መመሪያ፡፡** ›› አዲስ አበባ፡፡ ያልታተመ፡፡

# Dabalee A

Yuunvarsiitii Addis Ababaa Kolleejjii Namoomaa, Qorannoo Afaanota, Jornaalizimiifi Sabqunnamtiitti Muummee Afaan Oromoo, Hogbarruufi Fookloorii

**Bargaaffii barattoota kutaa 9ffaaf dhiyaate**

Bargaaffiin kun kan qophaa'e, ragaa qorannoo kanaaf fayyadu sassaabachuufidha.

**Qajeelcha waliigalaa**

Bargaaffiin kun barataaf kan qophaa'e yoo ta'u, Kunis, kutaa lama qaba. Kutaan inni jalqabaa, filannoowwan gosa afur of keessatti kan qabate yoo ta'u, saanduqa keessatti gaaffilee fulduratti mallattoo (√ ) kaahuun deebii keessan ibsaa.

Kutaa inni lammaffaa immoo, deebii ifaafi gabaabaa ta'e kan barbaadu dha. Gaaffilee kanas miira keessan osoo hin dhoksiin, yaada qabdan akka ibsitan isin gaafadha.

Bargaafficharratti maqaa barreessuun hin barbaachisu.

Maqaa mana barumsichaa ____________________________

Saala Dhiira ☐ Dhalaa ☐

Daree ____________ Umrii__________

Gaaffilee

1. Mala marii gareetiin barnoota afaanii hangam barachaa jirtuu?

   Yeroo hunda ☐ Darbee darbee ☐

   Gadaanaadha ☐

2. Barsiisan daree keessatti walii keessan akka wal gargaartan hangam carraa siniif kenna?

   Yeroo hunda ☐ Darbee darbee ☐

   Gadaanaadha ☐

3. Barsiisaan daree keessatti dandeettii tokkoon tokkoon keessan qabdan adda baasee beeka?

Yeroo hunda ☐ Darbee darbee ☐

Gadaanaadha ☐

4. Barnoota jalqabuu dura barsiisaan keessan hangam kaka'umsa isiniif kennaa?

Yeroo hunda ☐ Darbee darbee ☐

Gadaanaadha ☐

5. Gochaalee barnootaa Afaan Oromoo mala marii gareetiin hangam raawwattuu?

Olaanaadha ☐ Giddugaleessa ☐

Gadaanaadha ☐

6. Marii garee daree keessatti tokkoon tokkoon keessaniif barsiisaan keessaan hangam gahee qindeessuu, dhiyeessuu fi yeroo to'achuu isiniif kenna?.

Olaanaadha ☐ Giddugaleessa ☐

Gadaanaadha ☐

7. Garee keessan keessatti mariin garee barattoota hangam hirmaachisa?

Olaanaadha ☐ Giddugaleessa ☐

Gadaanaadha ☐

8. Mala marii garee fayyadamuun qabiyyeewwan barnoota Afaan Oromoo dhiyyaatan wali walii keessan hangam walbarsiiftu?

Olaanaadha ☐ Giddugaleessa ☐

Gadaanaadha ☐

9. Barnoota isiniif kennamuun dandeettiiwwan afaaniitti fayyadamuu keessan hangam guddifattan? ☐

Olaanaadha Giddu galeessa ☐

Gadaanaadha ☐

10. Dandeettiiwwan afaanii keessan guddifachuuf daree keessatti gochawwan adda addaa soda tokko malee hangam raawwattuu?

Olaanaadha ☐ Giddu galeessa ☐

Gadaanaadha ☐

11. Qabiiyyeewwaan kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa 9ffaa keessa jiran mala marii gareetiin afaan akka barattan fedhii isinitti horu?

Eeyyee ☐ Lakki ☐

12. Kitaaba Afaan Oromoo keessan keessa mata dureen mala marii gareetiin akka barattan isin affeeru jiraa?

Eeyyee ☐ Lakki ☐

## Bargaaffii banaa barattootaaf qophaa'e

Deebii ifaafi gabaabaa ta'een ibsi.

1. Barsiisaan keessan, irra caalaa daree keessatti mala baruufi barsiisuu marii gareemoo mala barsiisaa gidduugaleessa godhate fayyadamu? Sababa isaan mala kana filataniif ibsa.

_____________________________________________

_____________________________________________

_____________________________________________

_____________________________________________

_____________________________________________

2. Mala marii gareetiin barnoota afaanii yeroo barattan rakkoolee isin qunnaman maalfaadh?

_____________________________________________

_____________________________________________

_____________________________________________

_____________________________________________

_____________________________________________

_____________________________________________

3. Mala baruuf barsiisuu marii gareen afaan barachuuf, maaltu ta'uu qaba jettanii amantu?

_____________________________________________

_____________________________________________

_____________________________________________

_____________________________________________

_____________________________________________

4. Qabiyyen kitaaba barataa barnoota Afaan Oromoo kutaa 9ffaa mala marii gareettiin akka barattan hangam isin affeera?_________________________________

_____________________________________________

_____________________________________________

_____________________________________________

Odeeffannoo seeraan waan guutanniif galatooma.

## Dabalee B

Yuunvarsiitii Addis Ababaa Kolleejjii Namoomaa, Qorannoo Afaanota, Jornaalizimiifi Sabqunnamtiitti Muummee Afaan Oromoo, Hogbarruufi Fookloorii

**Afgaaffii barsiisaaf dhiyaate**

Afgaaffii barsiisaaf dhiyaate kun kaayyoon gooroo qorannoo kanaa, rakkoolee mala baruuf barsiisuu marii gareen afaan barsiisuu, mana barumsa sad.2ffaa Alaltuu, barnoota Afaan Oromoo irratti muul'atan xiinxaluu ilaalchiisee raga funaanuufi. Gaaffileen kunis, rakkoolee mala marii gareen afaan barsiisuu mana barumsa sad.2ffaa Alaltuu keessatti muul'atan xiinxaaluudha. Barsiisonni qaamaan gocha kana kan raawwatan isin waan ta'eef, hirmaannaan keessaan milkaa'ina qorannichaatiif murteessaadha. Kanaafuu, raga haqaafi qabatamaa akka gumaachitan kabajaafi ulfinaan isin gaafadha. Iccitiin isaa dhiimmuma qorannoo kana qofaaf kan oolu tahuu isiniif mirkaneessa.

Deeggarsa gootaniif galatni koo guddaadha.

Odeeffannoo dhuunfaa

1. Umrii___________________

2. Sadarkaa barnootaa________________

3. Muuxannoo hojii______________________

4. Gosa barnoota ittiin leenjifamtan muummee_____________________aantee_____________

5. Baay'ina wayitii Afaan Oromoo torbanitti____________________

Gaaffiilee armaan gadiif deebii ifaafi gabaabaa kenni.

1. Gilgaalonni kitaaba barnoota Afaan Oromoofi qajeelcha barsiisaa keessatti qophaa'an mala baruuf barsiisuu marii gareen afaan barsiisuuf miijatoodha?
2. Yeroon barnootichaaf kennamee jiru, mala baruu barsiisuu marii gareen afaan barsiisuuf gahaa dhaa? Eeyyee yoo jette akkamitti? Lakki yoo jette maaliif?
3. Mala baruuf barsiisuu marii gareetti, daree keessatti hagam fayyadamttu? Maaliif?

4. Rakkooleen mala baruu barsiisuu marii gareen afaan barsiisuun, akka hojiirra hin oollef gufuu sinitti ta'an maali jettanii yaaddu?
5. Mala marii gareetiin afaan barsiisuu irraatti hubannoofi muuxannoo keessan cimsuuf leenjiin adda ddaa isiniif kennamaa?

## Dabalee C

Yuunvarsiitii Addis Ababaa Kolleejjii Namoomaa, Qorannoo Afaanota,

Jornaalizimiifi Sabqunnamtiitti Muummee Afaan Oromoo, Hogbarruufi Fookloorii

Guca mirkaneeffannaa, daawwannaa mala baruu barsiisuu marii gareen afan barsiisuu. Daawwannaan kun, filannoowwan gosa lama of keessatti kan qabate yoo ta'u, gabatee keessatti gaaffii fuulduratti mallattoo (√) kaahuun deebiin ibsama.

Maqaa mana barumsaa________________________________________

Kutaa________________________

Daree________________________

Guyyaa______________________

| Lakk. | Dhimmolee daawwannaan irratti gaggeefame | Eeyye | Lakkii |
|---|---|---|---|
| 1 | Gahee barsiisaa | | |
| 1.1. | Mataduree barnoota guyyichaa barattootaaf beeksiseeraa? | | |
| 1.2. | Kaayyoo barnoota guyyaa sanaa barattootaaf beeksiseeraa? | | |
| 1.3. | Gochaalee adda addaa irratti barattoota mariisisuuf haala mijeesseeraa? | | |
| 1.4. | Barattootni barnoota kennamu fedhiifi xiyyeeffannoon akka hordofaniif isaan kakaaseeraa? | | |
| 1.5. | Mala baruuf barsiisuu marii garee barattoota hunda hirmaachisu fayyadameeraa? | | |
| 1.6. | Barattootni marii garee keessatti wal qixa hirmaachuu isaanii hordofeeraa? | | |
| 1.7. | Barsiisaan gaaffilee ofii isaa deebisuurra barattootni marii'atanii akka deebisan carraa kennaafii? | | |
| | | | |

| | | | |
|---|---|---|---|
| 2. | Gahee Barattootaa | | |
| 2.1. | Barattootni gareen mari’atuu? | | |
| 2.2. | Garee uumame keessatti tokkoon tokkoon barataa gahee qabaa? | | |
| 2.3. | Barattootni hojii daree keessatti kennaamuuf irratti mari’achuuf Kaka’umsa qabuu? | | |
| 3. | Haala daree barnootaa | | |
| 3.1 | Barattoota daree keessa jiraniif teessoo gahaan jiraa? | | |
| 3.2. | Teessoowwan jiran bakkaa bakkatti kan socho’anii dha? | | |
| 3.3. | Teessoowwan gidduu daddarbuuf bakki gahaan jiraa? | | |
| 3.4. | Bay’inni barattootaafi bal’inni daree barnootichaa walsimataa? | | |
| 3.5. | Teessoowwan daree keessaa haalaan tarreeffamoo dha? | | |
| 3.6. | Dareen barnootichaa ifaafi qilleensa gahaa qaba? | | |
| 4. | Meeshaalee deeggarsa barnootaa | | |
| 4.1. | Fakkiwwan garagaraa, poostaroonni, gabateewwan,fi k.k.f barnooticha qabatamaa taasisuuf keenyaa irratti maxxanfamanii jiruu? | | |
| 4.2. | Barsiisaan kitabaa barnootaan alatti meeshaalee deegarsa barnootaa daree keessatti fayyadameeraa? | | |
| 4.3. | Kitaabileen barnootaa Afaan Oromoo barataa hundaaf gahaadhaa? | | |

# Dabalee D

Yuunvarsiitii Addis Ababaa Kolleejjii Namoomaa, Qorannoo Afaanota, Jornaalizimiifi Sabqunnamtiitti Muummee Afaan Oromoo, Hogbarruufi Fookloorii

**Sakatta'a kitaaba Afaan Orommoofi qajeelcha barsiisaa kutaa 9ffaa**

Sakatta'iinsi kitaabaa kun kan qophaa'e, ragaa qorannoo kanaaf fayyadu sassaabachuufidha.

**Qajeelcha waliigalaa**

Guca mirkaneeffannaa, sakatta'a kitaaba Afaan Oromoo, qajelcha barsiisaafi siilabasii kutaa 9ffaa mala baruu barsiisuu marii gareen afan barsiisuu. Sakkatta'insi kitaabaa kun, filannoowwan gosa lama of keessatti kan qabate yoo ta'u, gabatee keessatti gaaffii fuulduratti mallattoo (√) kaahuun deebiin ibsama.

| Lakk. | Dhimmoolee sakatta'aman | Eeyyee | Lakki |
|---|---|---|---|
| 1. | Gochaaleen kitaaba barataa Afaan Oromoo, qajeelcha barsiisaafi siilabasii kutaa 9ffaa keessa jiran marii gareettin afaan akka baratan niajajuu? | | |
| 2. | Gilgaaloonni kitaaba barataa Afaan Oromoofi qajeelcha barsiisaa kutaa 9ffaa keessa jiran mala marii gareetiin afaan barsiisuu niaffeeru? | | |
| 3. | Qabiyyeewwan kitaaba barataa Afaan Oromoo, qajeelcha barsiisaa siilabasii kutaa 9ffaa mala marii gareetiin afaan barsiisuuf mijatoodhaa? | | |
| 4. | Kitaabni Afaan Oromoo, qajeelchi barsiisaafi siilabasiin kutaa 9ffaa baay'inaan mala baruu barsiisuu marii gareetti dhimma nibahu? | | |
| 5. | Kitaabni Afaan Oromoo, qajeelchi barsiisaafi siilabasiin kutaa 9ffaa mala marii gareetin ala mala baruufi barsiisuu kan birootti dhimma nibahu. | | |
| 6. | Mala marii gareetiin afaan barsiisuuf qoqodinsi wayittii kitaabicha keessatti kaahamefi sagantaan barnootichaaf kenname walsimaa? | | |
| 7. | Mata dureen kitaabichaa keessatti mala marii gareetin afaan barsiisuuf kenname barattoota hunda kan himaachisuudhaa? | | |